Waggaa 26 ffaa..... Lak. .......8 /2010
፳፮ኛ ዓመት........ ቁጥር........፰/፪ሺ፲
26th year ........... No. ........... 8/2017

Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ጨፌ ኦሮሚያ
'Caffee' of Oromia National Regional State

Finfinnee,.........Waxabajjii 9, Bara 2009
ፊንፊኔ፣...................ሰኔ ፱ ቀን ፪ሺ፱ ዓ.ም
Finfine,......................... June 16, 2017

# MAGALATA OROMIYAA
# L µ E p ‰ Z M ¦
# MEGELETA OROMIA



| Gatiin Tokkoo .............. Qarshii 12<br>የአ¿«è ”¶ ........................ ብር 12<br>Unit Price .......................... Birr 12 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>ï‰ZM¦ ብሔራዊ ŒGF”¦ L¿·Rr<br>በጨፌ ኦሮሚያ °mf}r £'» | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>£Þ.Q.e¼Y ...............21383-1000<br>P.O.Box ....................... 21383-1000 |
|---|---|---|



| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| Dambii Lakk. 194/2009<br>Dambii Too'annoo Nageenya Tiraafikaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Dambii Lakk 194/2009.................Fuula 1 | ደንብ ቁጥር ፻፺፬/፪ሺ፱<br>የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ትራፊክ ደህንነት መቆጣጠሪያን ለመወሰን የወጣ ደንብ ቁጥር ፻፺፬/፪ሺ፱ ............................ገጽ ፩ | Regulation No. 194/2017<br>Regulation to Determine Traffic Safety Control of Oromia Regional State Regulation No. 194/2017 ..................Page 1 |

## Dambii Too'annoo Nageenya Tiraafikaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Dambii Lakk. 194/2009

Too'annoo nageenya tiraafikaa walfakaataa, iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu naannicha keessatti diriirsuun too'annoo sochii tiraafikaa cimsuun balaa tiraafikaa naannoo keenyaatti dabalaa dhufe hir'isuun geejjiba nageenyummaan isaa mirkanaa'eefi mijataa ta'e uumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk. 199/2008 keewwata 74 (2) tiin Dambiin kanatti aanubahee jira.

## የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ትራፊክ ደህንነት መቆጣጠሪያን ለመወሰን የወጣ ደንብ ቁጥር ፻፺፬/፪ሺ፱

በክልሉ ውስጥ ተመሳሳይ፣ ፍትሃዊና ተጠያቂነት ያለው የትራፊክ ደህንነት መቆጣጠሪያ በመዘርጋት እና የትራፊክ እንቅስቃሴ ቁጥጥርን በማጠናከር በክልላችን እየጨመረ የመጣውን የትራፊክ አደጋ በመቀነስ ደህንነቱ የተረጋገጠና ምቹ የሆነ ትራንስፖርት መፍጠር አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በአዋጅ ቁጥር ፻፺፱/፪ሺ፰ አንቀፅ ፸፬ (፪) መሠረት የሚከተለው ደንብ ወጥቷል፡፡

## Regulation to Determine Traffic Safety Control of Oromia Regional State Regulation No. 194/2017

Whereas, it is found necessary to create a safe and convenient transport system in the region through establishing uniform, transparent and accountable to the traffic control mechanism and thereby tightening the traffic control and minimizing the ever increasing traffic accidents of the region;

Now therefore, in accordance with article 74 (2) of proclamation No. 199/2016, the following Regulation is hereby issued.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun "Dambii Too'annoo Nageenya Tiraafikaa Oromiyaa lak.194/2009" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Dambii kana keessatti:

1) **"AbbaaTaayitaa"** jechuun Abbaa Taayitaa Geejjibaa Mootummaa Naannoo Oromiyaafi caasaalee isaa sadarkaan jiran jechuu dha.
2) **"Daandii"** jechuun daandii Abbaa Taayitaa Daandiwwan Itiyoophiyaatiin yookiin Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaatiin sadarkaa fi gosti tajaajilaa isaa murtaa'eef jechuu dha.
3) **"Daandii Qaxxaamuraa"** jechuun iddoo daandiin lamaa fi isaa ol ta'an bifa qaxxaamuraatiin iddoo walitti dhufanjechuu dha.
4) "Konkolaachisaa" jechuun Nama hayyama mirkanneessa gahumsa konkolaachisummaa qabu jechuu dha.
5) **"Konkolaataa"** jechuun konkolaataa abbaa motoraa fi motora dhabeeyyii ta'ee konkolaataa raayyaa ittisa biyyaa fi maashinoota ariitii sa'aatiidhaan kiloomeetira diigdamaa ol hin deemne hin dabalatu.
6) **"Konkolataa Yeroo Balaa Tajaajilu"** jechuun ambulaansii dhukkubsattoota fe'u, konkolaataa balaa ibiddaa dhaamsuuf hojjatu, konkolaataa dhimma nageenyaatiif bobba'ee fi konkolaataa balaa tiraafikaa dhaqqabe deeggaruuf bobba'ee jechuu dha.

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**፩. አጭር ርዕስ**

ይህ ደንብ "የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የትራፊክ ደህንነት መቆጣጠሪያ ደንብ ቁጥር ፻፺፬/፪ሺ፱" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-

፩) **"ባለሥልጣን"** ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የትራንስፖርት ባለሥልጣንና በየደረጃው ያሉ መዋቅሮቹ ማለት ነው፡፡
፪) **"መንገድ"** ማለት በኢትዮጵያ መንገዶች ባለሥልጣን ወይም በኦሮሚያ መንገዶች ባለሥልጣን ደረጃና የአገልግሎት ዓይነት የተወሰነለት መንገድ ማለት ነው፡፡
፫) **"መስቀለኛ መንገድ"** ማለት ሁለትና ከዚያ በላይ የሆኑ መንገዶች በመስቀለኛ መልክ የሚገናኙበት ቦታ ማለት ነው፡፡
፬) "አሽከርካሪ" ማለት የአሽከርካሪነት ብቃት ማረጋገጫ ፈቃድ ያለው ሰው ማለት ነው፡፡
፭) **"ተሽከርካሪ"** ማለት የባለሞተርና ሞተር አልባ ተሽከርካሪ ሆኖ፤ የሀገር መከላከያ ተሽከርካሪና ፍጥነታቸው በሰዓት ከ፳ ኪሎ ሜትር በላይ ያልሆኑ ማሽኖችን አይጨምርም፡፡
፮) **"የአደጋ ጊዜ ተሽከርካሪ"** ማለት የበሽተኞች አምቡላንስ፣ የእሳት አደጋን ለማጥፋት የሚሠራ ተሽከርካሪ፣ ለሠላም ጉዳይ የተሰማራ ተሽከርካሪና የተከሰተ የትራፊክ አደጋን ለመርዳት የተሰማራ ተሽከርካሪ ማለት ነው፡፡

## Part One
## General Provisions

**1. Short title**

This Regulation may be cited as "Traffic Safety Control Regulation of Oromia Regional State No.194/2017".

**2. Definitions**

Unless the context requires otherwise in this Regulation:-

1) **"Authority"** means Oromia Regional State Transport Authority and its structures in their hierarchical levels.
2) **"Road"** means a route for which its level and service type has been decided by Ethiopian Roads Authority or Oromia Roads Authority.
3) **"Crossroads"** means a place where two or more roads intersect.
4) **"Driver"** means a person who has driving qualification certification license.
5) **"Vehicle"** means motor vehicles or motor-less vehicles and shall not include the vehicles of national defense force and machineries whose speed is not greater than 20km/hr.
6) **"Emergency Service Vehicle"** means Ambulance loading patients, vehicles working to stop fire accident, a vehicle on duty of rescuing victims of car accident.

7) **"Mallattoo Daandii"** jechuun mallattoo daandii kallattii sochii konkolaataa murteessuuf, sochii tiraafikaa kamiyyuu akeekkachiisuuf, dirqisiisuuf, dursa kennisiisuuf, fi odeeffannoo kennuuf tajaajilu kamiyyuu jechuu dha.

8) **"Too'ataa Tiraafikaa"** jechuun hojjataa Abbaa Taaytichaa yookiin miseensa poolisii seera geejjibaa kabachiisuuf daandii irratti bobba'ee too'annoo tiraafikaa gaggeessu jechuu dha.

**3. Ibsa Koorniyaa**

Dambii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun caasaalee Abbaa Taayitaa fi Komishinii Poolisii, Konkolaachisaa, Abbaa qabeenyaa konkolaataa fi itti fayyadamtoota daandii naannicha keessa jiru kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**Kutaa Lama**

**Qajeeltoowwan Bu'uuraa Ofeegannoo Nageenya Tiraafikaa**

**5. Dagannoon Konkolaachisuu Dhorkaa ta'uu**

Konkolaachisaan kamiyyuu haalayeroo yookiin qilleensaa, gosa daandii yookiin haala itti fayyadamtoota daandichaa tilmaama keessa osoo hin galchiin naannoo namootni baay'atanitti, manneen barumsaatti, dhaabbilee fayyaa fi kanneen kana fakkaataniitti ofeeggannoo barbaachisaa osoo hin taasisiin ariitiidhaan konkolaachisuun dhorkaa dha.

፯) **"የመንገድ ምልክት"** ማለት የተሽከርካሪ እንቅስቃሴ አቅጣጫ ለመወሰን፣ ማንኛውንም የትራፊክ እንቅስቃሴ ለማስጠንቀቅ፣ ለማስገደድ፣ ቅድሚያ ለማሰጠትና መረጃ ለመስጠት የሚያገለግል ማንኛውም የመንገድ ምልክት ማለት ነው፡፡

፰) **"የትራፊክ ተቆጣጣሪ"** ማለት የትራንስፖርት ሕግን ለማስከበር መንገድ ላይ ተሰማርቶ የትራፊክ ቁጥጥር የሚያካሄድ የባለሥልጣኑ ሠራተኛ ወይም የፖሊስ አባል ማለት ነው፡፡

**፫. የፆታ አገላለፅ**

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ሴትንም ይጨምራል፡፡

**፬. የተፈፃሚነት ወሰን**

ይህ ደንብ በባለሥልጣኑ መዋቅሮችና በፖሊስ ኮሚሽን፣ በአሽከርካሪ፣ በተሽከርካሪ ባለቤትና በክልሉ ውስጥ የሚገኙ ማንኛውም የመንገድ ተጠቃሚዎች ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡፡

**ክፍል ሁለት**

**የትራፊክ ደህንነት ጥንቃቄ መሠረታዊ መርሆች**

**፭. በቸልተኝነት ማሽከርከር ክልክል ስለመሆኑ**

ማንኛውም አሽከርካሪ የጊዜ ሁኔታን ወይም አየር ሁኔታን፣ የመንገድ ዓይነት ወይም የመንገዱን ተጠቃሚዎች ሁኔታ ከግምት ውስጥ ሳያስገባ ሰዎች በሚበዙበት አከባቢዎች፣ በትምህርት ቤቶች፣ በጤና ተቋማትና እነዚህን በመሳሰሉ ቦታዎች አስፈላጊውን ጥንቃቄ ሳያደርግ በፍጥነት ማሽከርከር የተከለከለ ነው፡፡

7) **"Road Sign"** means any sign on the roads which is used to determine the direction of movement of a vehicle, to warn any traffic movement, to oblige, to make them give priority and to provide information.

8) **"Traffic Controller"** means worker of the Authority or member of a police who performs traffic controlling by being engaged on the roads for protecting traffic laws.

**3. Gender Reference**

Provisions of this Regulation set out in masculine gender shall also apply to the feminine gender.

**4. Scope of Application**

This Regulation shall be applicable on the structures of the Authority and police commission, drivers, owners of vehicles and the users of any roads in the region.

**Part Two**

**Basic Traffic Precautionary Principles**

**5. Prohibition of Negligent Driving**

It is prohibited for any driver to make a speedy drive at areas of where greater number of people, at schools, health institutions and other similar areas without making the necessary precaution and failing to take into account the existing condition or weather or the type of road or the condition of users of the road.

**6. Waa'ee Bilbila Socho'aa Yookiin Fakkiiwwanii**

1) Konkolaachisaan konkolaataa yeroo balaa konkolaachisuun ala ta'e kamiyyuu bilbila socho'aa yookiin mobaayila yookiin raadiyoo harkaan qabatee dubbisaa yookiin ergaa gabaabaa dabarsaa yookiin fudhachaa yookiin dubbisaa konkolaachisuu hin qabu;
2) Konkolaachisaan kamiyyuu teleevizyinii yookiin fakkiiwwan socho'aa konkolaataa keessatti ilaalaa deemuu hin qabu.

**7. Qabattoo Nageenyaa**

1) Konkolaachisaan kamiyyuu qabattoo nageenyaa (safety belt) osoo hin hidhatin konkolaachisuun dhorkaa dha;
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1jalatti kantumame konkolaachistoota doqdoqqee fi geejjiba birga'iihin ilaallatu.

**8. Itti Fayyadama Daandii**

1) Konkolaachisaan kamiyyuu daandicha haala namoota daandiitti fayyadaman yookiin qabeenya irratti miidhaa hin dhaqqabsiisneen fayyadamu qaba;
2) Konkolaachisaan kamiyyuu yeroo daandiitti fayyadamu sochii tiraafikaatiif gufuu ta'u hin qabu;
3) Abbaan Taayitichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti yoo hayyame malee qaamni kamiyyuu daandii konkolaataa yookiin lafoo deemaa irratti hojiiwwan hawaasummaa yookiin dinagdee yookiin misoomaa raawwachuun dhorkaa dha;
4) Konkolaachisaan kamiyyuu daandii konkolaataa irratti konkolaachisuu qaba; haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
5) Daandii qeenxee konkolaattota gosa tokkoof jedhamee hojjatame irratti konkolaachisaan konkolaattota gosa biroo konkolaachisuun hin hayyamamu;

**፮. ስለተንቀሳቃሽ ስልክ ወይም ምስሎች**

፩) የአደጋ ጊዜ ተሽከርካሪን ከሚያሽከረክር አሽከርካሪ በስተቀር ማንኛውም አሽከርካሪ ተንቀሳቃሽ ስልክ ወይም ሞባይል ወይም ሬዲዮ በእጁ ይዞ እያነጋገረ ወይም አጭር መልዕክት እያስተላለፈ ወይም እየተቀበለ ወይም እያነጋገረ ማሽከርከር የለበትም፤
፪) ማንኛውም አሽከርካሪ በተሽከርካሪ ውስጥ ቴሌቪዥንን ወይም ተንቀሳቃሽ ምስሎችን እያየ መንዳት የለበትም።

**፯. ስለደህንነት ቀበቶ**

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ የደህንነት ቀበቶ ሳይታጠቅ ማሽከርከር የተከለከለ ነው፤
፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ሥር የተደነገገው ሞተር ሳይክልና አድራሽ ትራንስፖርትን አይመለከትም።

**፰. ስለመንገድ አጠቃቀም**

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ በመንገዱ የሚጠቀሙ ሰዎች ወይም ንብረት ላይ ጉዳት በማያደርስ ሁኔታ መንገዱን መጠቀም አለበት፤
፪) ማንኛውም አሽከርካሪ በመንገድ በሚጠቀምበት ጊዜ ለትራፊክ እንቅስቃሴ እንቅፋት መሆን የለበትም፤
፫) ባለሥልጣኑ እንደ አስፈላጊነቱ ካልፈቀደ በስተቀር ማንኛውም አካል በተሽከርካሪ ወይም በእግረኛ መንገድ ላይ ማሕበራዊ ወይም ኢኮኖሚያዊ ወይም ልማታዊ ሥራዎችን ማከናወን የተከለከለ ነው፤
፬) ማንኛውም አሽከርካሪ በተሽከርካሪ መንገድ ላይ ማሽከርከር አለበት፤ አፈፃፀሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤
፭) አሽከርካሪ ለአንድ ዓይነት ተሽከርካሪዎች ተብሎ በተሠራ ነጠላ መንገድ ላይ ሌላ ዓይነት ተሽከርካሪዎችን ማሽከርከር አይፈቀድም፤

**6. About Mobile Phone or Pictures**

1) Any driver except the driver of emergency vehicle shall not drive by holding mobile or radio and by phoning or sending or receiving or reading short messages;
2) Any driver shall not drive by looking on television or moving Pictures in the vehicle.

**7. Safety Belt**

1) It is prohibited for any driver to drive without bucking up safety belt;
2) The provision under sub article 1 of this article shall not be applicable on motor cycle and smaller transport means.

**8. Roads Utilization**

1) Any drive shall utilize the road in a way that does not cause any injury on the pedestrians using such road or damage on property;
2) Any driver shall not obstruct the traffic movement while using the road;
3) It is prohibited for anybody to conduct social or economic or development activities on the vehicles or pedestrian roads unless the Authority permits as deemed necessary;
4) Any driver shall drive on the vehicle road. Its implementation particulars shall be decided by the directive to be issued;
5) It is prohibited for a driver to drive another type of vehicle on a single road constructed for one type of vehicle;

6) Daandiin konkolaataa tokko mallattoo dhakaadhaan yookiin biqiltootaan yookiin marfata tiraafikaatiin kan qoqqoodame yoo ta'e tokkoo tokkoon walakkaa daandiichaa daandii kallattii tokkoo jedhamee lakkaa'ama;
7) Konkolaachisaan daandii konkolaataatti fayyadamu kamiyyuu sarara mirgaa qabatee fi yeroo fi iddoo barbaachisaa ta'eetti ibsaa sirrii ta'e fayyadamuun konkolaachisuu qaba;
8) Konkolaachisaan daandii konkolaataa sarara walirraa hin cinnetiin dibame irra konkolaachisuu kamiyyuu konkolaataa fuuldura isaa jiru darbuu yookiin of duubatti naann'ee deebi'uu hin danda'u;
9) Konkolaachisaan kamiyyuu daandii fagootti arguu isa daangeessan irratti sarara qabate irraa sarara biraatti ceehuu hin danda'u;
10) Lafoo deemaan kamiyyuu haala dirqisiisaa yoo isa mudate fi daandiin lafoo deema kan hin jirre yoo ta'e malee yookiin daandii qaxxaamuruuf yoo ta'e malee daandii konkolaataa irra deemuu hin qabu;
11) Konkolaachisaan kamiyyuu yeroo qaama midhamtoonni daandiitti fayyadaman of eeggannoo addaa taasisuu qaba;
12) Namni kamiyyuu haalli dirqisisaa yoo isa mudatee fi daandiin biroo yoo jiraachuu baate malee daandii konkolaataa irra beeyiladaa yookiin gaarii oofuu hin qabu.

## 9. Itti Fayyadama Mallattoolee fi Agarsiistuuwwan Daandii

1) Itti fayyadamtootni daandii kamiyyuu ergaawwan mallattoolee daandiitiin, agarsiistuuwwan fi too'ataa tiraafikaatiin darban kamiyyuu kabajuu qabu;

፮) አንድ የተሽከርካሪ መንገድ በድንጋይ ወይም በተክሎች ወይም በትራፊክ መዞሪያ ምልክት የተከፋፈለ ከሆነ የእያንዳንዱ መንገድ መሃል የአንድ አቅጣጫ መንገድ ተብሎ ይቆጠራል፤
፯) በተሽከርካሪ መንገድ የሚጠቀም ማንኛውም አሽከርካሪ ቀኝ መስመር በመያዝና አስፈላጊ በሆነ ጊዜና ቦታ ትክክለኛውን መብራት በመጠቀም ማሽከርከር አለበት፤
፰) በማይቆራረጥ ቀለም በተቀባ ተሽከርካሪ መንገድ መስመር ላይ የሚያሽከረክር ማንኛውም አሽከርካሪ ከፊቱ ያለውን ተሽከርካሪ ማለፍ ወይም ወደ ኋላ ዞሮ መመለስ አይችልም፤
፱) ማንኛውም አሽከርካሪ በርቀት ማየት በሚገድብ መንገድ ላይ ከያዘው መስመር ወደ ሌላ መስመር መሻገር አይችልም፤
፲) ማንኛውም እግረኛ አስገዳጅ ሁኔታ ካላጋጠመውና የእግረኛ መንገድ የሌለ ካልሆነ በስተቀር ወይም መንገድ ለማቋረጥ ካልሆነ በስተቀር በተሽከርካሪ መንገድ ላይ መሄድ የለበትም፤
፲፩) ማንኛውም አሽከርካሪ የአካል ጉዳተኞች በመንገዱ በሚጠቀሙበት ጊዜ የተለየ ጥንቃቄ ማድረግ አለበት፤
፲፪) ማንኛውም ሰው አስገዳጅ ሁኔታ ካጋጠመውና ሌላ መንገድ የሌለ ካልሆነ በስተቀር በተሽከርካሪ መንገድ ላይ እንስሳት ወይም ጋሪ መንዳት የለበትም፤

## ፱. የመንገድ ምልክቶችና ማመላከቻዎች አጠቃቀም

፩) ማንኛውም የመንገድ ተጠቃሚ በመንገድ ምልክቶች፣ ማመላከቻዎችና በትራፊክ ተቆጣጣሪ የሚተላለፉ ማናቸውም መልዕክቶች ማክበር አለበት፤

6) Where a road is divided by stone marks or by plants or traffic circle, each center of such road is considered as one direction road;
7) Any driver utilizing a road shall drive taking the right side lane and by using the proper of light at the required time and place;
8) Any driver driving on the road painted with uninterrupted line shall not pass the vehicle in front of him or shall not turn back;
9) Any driver shall not cross to the other side of the street leaving his prior side on the road which blocks him to see at farther distance;
10) Any pedestrian shall not go on the vehicles roads unless he encounters compelling circumstance and there is no pedestrian road or unless he is to cross the road;
11) Any driver shall make special care while there are disabled persons using the road;
12) Any person shall not flock livestock or drive carts on the road unless encounters compelling circumstance and there is no other road.

## 9. Utilization of Signs and Indicators of Roads

1) Any users of a road shall respect every message conveyed by street signs, indicators and traffic controlling police;

2) Sochii tiraafikaatiif barbaachisaa ta'ee yoo argame tumaalee Dambii kanaa kan faallessu ta'us ajaja too'ataa tiraafikaatiin darbu raawwachuu qabu;

3) Abbaan Taayitichaa mallattoowwan yookiin agarsistuuwwan daandii akka dhaabbatan, suphaman, jijjiiraman yookiin iddoo irraa ka'an taasisuu ni danda'a.

## 10. Waa'ee Konkolaachisuu

1) Namni kamiyyuu hayyama gahumsaa konkolaachisummaa haaromfameosoo hin qabaatiin konkolaataa konkolaachisuu hin danda'u;

2) Abbaan qabeenyaa konkolaataa kamiyyuu nama hayyama konkolaachisummaa hin qabne konkolaataa isaa akka konkolaachisu hayyamuuf hin qabu;

3) Konkolaachisaan kamiyyuu baala yookiin qoricha sammuu namaa adoochu fayyadamee yookiin dhiiga isaa liitra tokko keessatti hanga alkoolii giraamii 0.8 yookiin afuura isaa liitra tokko keessa hanga alkoolii giraamii 0.4 caaluu qabaatee konkolaachisuu hin qabu;

4) Konkolaachisaan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti tumameen qoratamuuf yoo hayyamamaata'uu baate dhugaatii seeraan hayyamameefii ol akka fayyadameetti fudhatama.

## 11. HaalotaKonkolaachisuu Dhorkan

Konkolaachisaan kamiyyuu konkolaataa:

1) Haalli itti hojjatameyookiin meeshaan iraa hojatame konkolaattota biyya keessa akka galan hayyamameefiin adda ta'ee argame;

2) Qorannoo gahumsa teeknikaa waggaatiin gahumsi isaa hin mirkanoofnee fi hanqina teeknikaa qabu kamiyyuu;

፪) ለትራፊክ እንቅስቃሴ አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ የዚህን ደንብ ድንጋጌ የሚቃረን ቢሆንም በትራፊክ ተቆጣጣሪ የሚተላለፍን ትህዛዝ መፈጸም አለባቸው፤

፫) ባለሥልጣኑ የመንገድ ምልክቶች ወይም ጠቋሚዎች እንዲቆሙ፣ እንዲጠገኑ፣ እንዲቀየሩ ወይም ከቦታ እንዲነሱ ማድረግ ይችላል፡፡

## ፲. ስለማሽከርከር

፩) ማንኛውም ሰው የታደሰ የአሽከርካሪነት ብቃት ፈቃድ ሳይኖረው ተሽከርካሪ ማሽከርከር አይችልም፤

፪) ማንኛውም የተሽከርካሪ ባለቤት የአሽከርካሪነት ፈቃድ ለሌለው ሰው ተሽከርካሪውን እንዲያሽከረክር መፍቀድ የለበትም፤

፫) ማንኛውም አሽከርካሪ አደንዛዥ ዕፅ ወይም መድሃኒት ተጠቅሞ ወይም በደሙ አንድ ሊትር ውስጥ ከ 0.8 ግራም የአልኮል መጠን ወይም በትንፋሹ አንድ ሊትር ውስጥ ከ0.4 ግራም በላይ የአልኮል መጠን እያለው ማሽከርከር የለበትም፤

፬) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፫ ሥር በተደነገገው መሠረት አሽከርካሪ ምርመራ እንዲደረግበት ፈቃደኛ ካልሆነ በሕግ ከተፈቀደለት በላይ መጠጥ እንደተጠቀመ ይወሰዳል፤

## ፲፩. ማሽከርከር ስለሚያስከለክሉ ሁኔታዎች

ማንኛውም አሽከርካሪ፡-

፩) የተሠራበት ሁኔታ ወይም የተሠራበት ጥሬ ዕቃ ሀገር ውስጥ እንዲገቡ ከተፈቀደላቸው ተሽከርካሪዎች የተለየ ሆኖ የተገኘ፤

፪) በአመታዊ የቴክኒክ ብቃት ምርመራ መሠረት ብቃቱ ያልተረጋገጠና የቴክኒክ ጉድለት ያለበት፤

2) Where it is found necessary for better traffic movements, any user of the road shall respect the order of traffic controller though it contradicts the provisions of this Regulation;

3) The Authority may cause the street signs or indicators to be installed, maintained, change, or removed from a place.

## 10. About Driving

1) No one shall drive a vehicle without having a renewed driving qualification license;

2) Any owner of vehicle shall not permit his vehicle for a person who has no driving license;

3) Any driver shall not drive using or by taking in a drug affecting one's mind or by having up to 0.8 grams alcohol in his 1 liter blood or alcohol exceeding 0.4 grams in his one liter breath;

4) A driver who refuses to be examined as of sub article 3 of this article shall be considered as he has used a drink exceeding the legal limit.

## 11. Conditions Prohibiting Driving

Any driver shall not drive a vehicle:-

1) Which its mode of production or its raw materials is different from those vehicles permitted to be imported;

2) Its compatibility is not approved by annual technical competency examination and has technical failure;

3) Mallattoo calaqqisaa duuba isaa irratti kan hin maxxanffanne;
4) Gabatee fuulduraa fi duubaa hin qabne konkolaachisuu hin qabu.

**12. Suuta Konkolaachisuu**

1) Konkolaachisaan ariitiin konkolaataa inni konkolaachisaa jiru konkolaattota duuba isaatiin yookiin cinaa isaatiin darbaniin gadi yoo ta'e sarara mirgaa qabatee suutatti konkolaachisuu qaba;
2) Konkolaachisaan kamiyyuu daandii qaxxaamuraa, bakka qaxxaamura lafoo deemtotaa, riqicha irratti, tabba, irraan gadee irra, daddabaa irra yookiin haalawwan dandeettiin arguu xiqqeessan jiranitti ariitii konkolaataa isaa xiqqeessuudhaan konkolaachisuu qaba.

**13. Waa'ee Balaa Tiraafikaa**

1) Konkolaachisaan daandii irratti balaa dhaqqabsiise kamiyyuu balaa sanaan yoo namni miidhame battalumatti yookiin balaan qabeenyarratti yoo ta'ee immoo sa'aatii 24 keessatti poolisii yookiin waajjira bulchiinsaa naannoo sanaatti argamuuf odeeffannoo kennuuf dirqama qaba;
2) Konkolaachisaan yoo konkolaataa daandii irra dhaabbatee jirurratti balaa dhaqqabsiise:
   (a) Maqaa fi teessoo isaa konkolaachisaa konkolaataa balaan irratti dhaqqabeef kennuu yookiin
   (b) Konkolaachisaa yookiin abbaan qabeenyaa konkolaataa miidhame yoo argamu baatee poolisiif beeksisuu; maqaa fi teessoo, lakkoofsa gabatee konkolaataa isaa fi balaa ilaalchisee ibsa gabaabaa barreessun bakka ifatti mul'atutti kaa'uuqaba.

፫) ከኂላው አንፀባራቂ ምልክት ያልለጠፈ፤
፬) የፊትና የኂላ የሠሌዳ ቁጥር የሌለው ተሽከርካሪን ማሽከርከር የለበትም፡፡

**፲፪. በዝግታ ማሽከርከር**

፩) አሽከርካሪ እያሽከረከረ ያለው ተሽከርካሪ ፍጥነት ከኂላው ወይም ከጎኑ ከሚያልፉ ተሽከርካሪዎች በታች ከሆነ ቀኝ መስመሩን ይዞ በዝግታ ማሽከርከር አለበት፤
፪) ማንኛውም አሽከርካሪ በመስቀለኛ መንገድ ላይ፣ በእግረኞች መቋረጫ ቦታ፣ ድልድይ ላይ፣ ዳገት ላይ፣ ቁልቁለት ላይ፣ ጠመዝማዛ ወይም እይታን የሚገድቡ ሁኔታዎች ባሉበት ቦታ ላይ የተሽከርካሪውን ፍጥነት በመቀነስ ማሽከርከር አለበት፡፡

**፲፫. ስለትራፊክ አደጋ**

፩) መንገድ ላይ አደጋ ያደረሰ ማንኛውም አሽከርካሪ በአደጋው ሰው ከተጎዳ በአስቸኳይ ወይም የደረሰው አደጋ በንብረት ላይ ከሆነ በ24፡00 ሰዓት ውስጥ ለፖሊስ ወይም በአከባቢው ለሚገኝ አስተዳደር ጽሕፈት ቤት መረጃ የመስጠት ግዴታ አለበት፤
፪) በመንገድ ላይ በቆመ ተሽከርካሪ ላይ አደጋ ካደረሰ፡-
   (ሀ) ስምና አድራሻውን አደጋ ለደረሰበት ተሽከርካሪ አሽከርካሪ መስጠት፤ ወይም
   (ለ) የተጎዳው ተሽከርካሪ አሽከርካሪ ወይም ባለቤቱ ካልተገኘ ለፖሊስ ማሳወቅ፤ ስምና አድራሻ፣ የተሽከርካሪውን ሠሌዳ ቁጥርና አደጋውን በተመለከተ አጭር መግለጫ በመፃፍ በግልፅ በሚታይ ቦታ ማስቀመጥ አለበት፡፡

3) That does not fasten reflecting sign at its back;
4) Without the front and back plate number;

**12. Driving Slowly**

1) A driver shall take the right side lane of the road and drive slowly where his vehicle has lower speed than those vehicles which are behind him and those passing by his side;
2) Any driver shall decrease his speed and drive slowly while driving on crossing road, at crossing areas of pedestrians, on bridges, on uphill areas, on downhill areas, bending roads or in case where there are situations minimizing his seeing ability.

**13. About Traffic Accident**

1) Any driver who has caused traffic accident on the road is obliged to inform same to the nearby police or administration office forth with where such accident caused injury on humans or where damage caused on property within 24 hours;
2) Where the driver caused damage on the vehicle parking on the road:-
   (a) He shall provide his name and address to the driver of the damaged vehicle; or
   (b) Where the driver or the owner of the damage vehicle are not found, he shall inform or notify to the police, he shall write short description or information about his name and address the plate number of his vehicle and about the accident occurred and put or leave at clearly visible place.

**14. Sochii Fayyadamtoota Daandii Gufachiisu**

1) Namni kamiyyuu gochoota yookiin wantoota sochii daandii irraa gufachiisan, ariitii daangeessan yookiin haala kaminiyyuu miidhaa dhaqqabsiisu danda'an daandii konkolaataa irratti kaa'uu yookiin sochoosuu hin danda'u;
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee qaamni dhimmi ilaalu beeksisaan yookiin mallattoo daandii kaa'uun sochii daandii irraa daangeessu ni danda'a.

**15. Daandii Mancaatii Irraa Eeguu**

1) Konkolaachisaan kamiyyuu konkolaataa daandii irratti yeroo konkolaachisuu daandii mancaasuu hin qabu;
2) Namni kamiyyuu hojii adda addaatiif gochoota daandii kutuu yookiin cufuu yookiin qotuu rawwachuun dura qaama dhimmi ilaallatu waliin hojjachuu fi battala hojichi xumurametti immoo daandicha haala duraan turetti deebisee sirreessuu qaba.
3) Namni kamiyyuu daandii irratti konkolaataa dhiquun yookiin dhiqsiisuun yookiin bishaan konkolaataan itti dhiqame gara daandiitti maqsuun dhorkaa dha.

**16. Daandii irratti Konkolaataa Suphuun Dhorkaa ta'uu**

1) Namni kamiyyuu daandii irratti konkolaataa suphuu hin danda'u;
2) Konkolaataan ballaa'e daangaa magaalaatiin ala sa'aatii 24 oliif, daangaa magaalaa keessatti immoo konkolaataa gurguddaadhaaf sa'aatii 3 oliif, konkolaataa gidduu galeessaa yookiin salphaatiif sa'aatii 2 oliif daandii irra tursiisuun hin danda'amu;

**፲፬. የመንገድ ተጠቃሚዎችን የሚያደናቅፍ እንቅስቃሴ**

፩) ማንኛውም ሰው የመንገድ ላይ እንቅስቃሴን የሚያደናቅፉ ድርጊቶች ወይም ነገሮች፤ ፍጥነትን የሚገድቡ ወይም በማንኛውም ሁኔታ አደጋ ማድረስ የሚችሉ ነገሮችን በተሽከርካሪ መንገድ ላይ ማስቀመጥ ወይም ማንቀሳቀስ አይችልም፤

፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ሥር የተደነገገው ቢኖርም፤ የሚመለከተው አካል በማስታወቂያ ወይም የመንገድ ምልክት በማስቀመጥ የመንገድ ላይ እንቅስቃሴን ሊገድብ ይችላል፡፡

**፲፭. መንገድን ከብልሽት መጠበቅ**

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ ተሽከርካሪን መንገድ ላይ በሚያሽከረክርበት ጊዜ መንገዱን ማበላሸት የለበትም፤

፪) ማንኛውም ሰው ለተለያዩ ሥራዎች መንገድ የመቁረጥ ወይም የመዝጋት ወይም የመቆፈር ድርጊት ከመሥራቱ በፊት ከሚመለከተው አካል ጋር መሥራትና ሥራው እንደተጠናቀቀ ደግሞ መንገዱን በነበረበት ሁኔታ መልሶ ማስተካከል አለበት፤

፫) ማንኛውም ሰው መንገድ ላይ ተሽከርካሪ ማጠብ ወይም ማሳጠብ ወይም ተሽከርካሪ የታጠበበትን ውሃ መንገድ ላይ መድፋት የተከለከለ ነው፡፡

**፲፮. መንገድ ላይ ተሽከርካሪ መጠገን ክልክል ስለመሆኑ**

፩) ማንኛውም ሰው መንገድ ላይ ተሽከርካሪ መጠገን አይችልም፤

፪) የተበላሸ ተሽከርካሪ ከከተማ ክልል ውጪ ከ24፡00 ሰዓት በላይ፤ በከተማ ክልል ውስጥ ደግሞ ለከባድ ተሽከርካሪዎች ከ3፡00 ሰዓት በላይ፤ ለመካከለኛ ወይም ለቀላል ተሽከርካሪዎች ከ2፡00 ሰዓት በላይ ማቆየት የተከለከለ ነው፤

**14. Obstructing Movements of Roads Users**

1) No one can drop or move on the road any things which obstruct free movements on the road, or limit its speed or in any ways may cause damage;
2) Notwithstanding to the provision under sub article 1 of this article, the concerned body may limit the traffic on roads through notice or by putting roads signs.

**15. Protecting Roads from Damage**

1) Any driver shall not damage the road while driving on the road;
2) Any person shall work with concerned body while performing acts of cutting or blocking or digging roads for various purposes and shall reconstruct such road as it was before upon the completion of the activity;
3) It is prohibited for any person to wash or cause to be wash cars on the roads or to divert such dirty water after wash towards the road.

**16. Prohibition of Maintaining Vehicles on Roads**

1) No one shall maintain a car on the road;
2) It is prohibited to delay a vehicle with technical failure for more than 24 hours in out municipality areas; for more than 3 hours for the big vehicles, and for more than 2 hours for medium level and vehicles municipality areas;

3) Namni kamiyyuu konkolaataa balla'ee yammuu daandii irraa kaasuu wantoota sochii daandii gufachiisan maqsuu qaba;

4) Konkolaataan kamiyyuu daandii irratti yoo manca'e konkolaachisaan fageenya meetira 30 irratti daandii fuulduraa fi duuba konkolaatichaa gabatee calaqqisaa rog-sadee kaa'uu qaba. Dhagaa yookiin muka yookiin kan kana fakkaatan kaa'uun dhorkaadha.

## 17. Too'annoo Aara, Boba'aa, Zayitii fi Sagalee`

1) Konkolaachisaan kamiyyuu konkolaataa:

   a) Aara, huurkaa, zayitii yookiin boba'aa garmalee ol baasuun fi itti fayyadamtoota yookiin naannoo irratti miidhaa dhaqqabsiisuu yookiin jeequ yokiin sirnaan kan hin suuphamin;

   (b) Sirnaan haromsamuu dhabuutiin yookiin haalli teeknika isaa eeggamuu dhabuutiin sagalee hin barbaachisne dhageessisuu; fi

   (c) Sagalee sadarkaa hayyamame oli dhageessisaa, dhaggeeffachaa konkolaachisuu hin qabu;

2) Sadarkaa hayyamame kan keewwata kana keewwata 1(a-c) jalatti tumame qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 18. Daangaa Ariitii

1) Konkolaachisaan kamiyyuu daangaa ariitii seeraan murtaa'e kabajuun konkolaachisuu qaba;

2) Daangaan ariitii seeraan murtaa'ee akkuma eeggametti ta'ee konkolaachisaan daandii kamiyyuu irra yeroo konkolaachisu haala daandichaa, baay'ina tiraafiikaa, itti fayyadamtoota arguu fi konkolaaticha to'achuuf ariitii dandeettiin isaa hayyameefiin ol konkolaachisuu hin qabu.

፫) ማንኛውም ሰው የተበላሸውን ተሽከርካሪ ከመንገድ ላይ ሲያነሳ የመንገድ እንቅስቃሴን የሚያደናቅፉ ነገሮችን ከመንገድ ላይ ማስወገድ አለበት፤

፬) ማንኛውም ተሽከርካሪ በመንገድ ላይ ከተበላሸ በተሽከርካሪው ፊትና ኋላ በኩል በ፴ ሜትር ርቀት ላይ ባለሦስት ማዕዘን አንፀባራቂ ሠሌዳ ማስቀመጥ አለበት፤ ድንጋይ ወይም እንጨት ወይም የመሳሰሉትን ማስቀመጥ የተከለከለ ነው።

## ፲፯. ስለጪስ፣ ነዳጅ፣ ዘይትና ድምጽ መቆጣጠሪያ

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ፡-

   (ሀ) ጪስ፣ እንፋሎት፣ ዘይት ወይም ነዳጅን ያለአግባብ በማውጣት በተጠቃሚዎች ወይም አከባቢ ላይ ጉዳት የሚያደርስ ወይም የሚረብሽ ወይም በትክክል ያልተጠገነ ተሽከርካሪን፤

   (ለ) በትክክል ባለመታደሱ ወይም የቴክኒኩ ሁኔታ ካለመጠበቁ የተነሳ የማያስፈልግ ድምጽ የሚያሰማ ተሽከርካሪን፤

   (ሐ) ከተፈቀደለት ደረጃ በላይ ድምጽ በማሰማትና እያዳመጠ ማሽከርከር የለበትም።

፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ (ሀ-ሐ) ሥር የተደነገገው የተፈቀደ ደረጃ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

## ፲፰. የፍጥነት ገደብ

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ በሕግ የተወሰነውን የፍጥነት ገደብ በማክበር ማሽከርከር አለበት፤

፪) በሕግ የተወሰነው የፍጥነት ገደብ እንደተጠበቀ ሆኖ፤ አሽከርካሪ ማንኛውም መንገድ ላይ በሚያሽከረክርበት ጊዜ የመንገዱን ሁኔታ፣ የትራፊክ ብዛት፣ ተጠቃሚዎችን ለማየትና ተሽከርካሪውን ለመቆጣጠር ከተፈቀደለት የፍጥነት አቅም በላይ ማሽከርካር የለበትም።

3) Any person shall remove everything obstructing traffic on the road while removing the vehicle with technical failure from the road;

4) Where any vehicle damaged on the road, the driver shall put sparkling triangular plate at a distance of 30 meters to the front and back of such vehicle. It is prohibited to put stones or logs or other similar objects.

## 17. Control of Smoke, Fuel, Oil and Sound

1) Any driver shall not drive a vehicle;

   (a) Emitting high smoke, vapor, oil or fuel alarmingly and which causes damage or annoyance on the users or environment or which is not properly maintained;

   (b) Which releases unnecessary sound due to lack of proper renewal or due to careful follow up of its technical aspect;

   (c) By releasing sound beyond the permitted limit.

2) The permitted limit for the provisions stipulated under sub article 1 (a-c) of this article shall be determined by the directive to be issued.

## 18. Speed Limit

1) Any driver shall drive by respecting the speed limit determined by law;

2) Without prejudice to the speed limit determined by the law, while a driver is driving on any road, he shall not drive beyond his ability (capacity) to consider condition of the road, number of traffic, his ability to see the road users and to control the vehicle.

**19. Haala Addaa**

1) Kutaa daandii kamiyyuu irratti qaamni dhimmi ilaallatu mallattoowwan daandii dhaabuun daangaa ariitii yeroodhaaf yookiin dhaabbataan jijjiiruu ni danda'a;
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumamejiraatullee Abbaan Taayitichaa haala konkolaataa irratti meeshaan ariitii daangessu itti hidhamu kan murteessu ta'a. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**20. Walduraa Duuba Konkolaachisuu**

1) Konkolaachisaan kamiyyuu konkolaataa biraa hordofuun kan konkolaachisu yoo ta'e yeroo kamiyyuu balaa tokko malee konkolaataa isaa dhaabuu akka danda'u ariitii isaa, konkolaataa isa fuuldura jiru, haala daandichaa, dandeettii arguu fi baay'ina tiraafikaa tilmaama keessa galchuun konkolaachisuu qaba;
2) Daangaa magaalatiin alatti konkolaachistootni konkolaattota afurii fi isaa ol ta'an wal-duraa duuba yammuu konkolaachisan konkolaataan biraa salphaatti jidduu isaanii seenuu akka danda'ubali'nni gahaan akka jiraatu taasisuun konkolaachisuu qabu;
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame konkolaattota reeffaa fi haala addaatiin konkolaataa biraa ajjaban irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

**21. Fuulduraan Walitti Dhufuu fi Dursuun Darbuu**

1) Konkolaattootni kallattii faallaa ta'een wal bira darban daandii dhiphoo irratti fuulduraan yoo walitti dhufan, ariitii xiqqeessuun qarqara mirgaa daandichaa qabachuun wal bira darbuu qabu;

**፲፱. ስለልዩ ሁኔታ**

፩) ጉዳዩ የሚመለከተው አካል በማንኛውም የመንገድ ክፍል ላይ የመንገድ ምልክቶችን በማቆም የፍጥነት ገደብን ለጊዜው ወይም በቋሚነት መለወጥ ይችላል፤
፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ሥር የተደነገገው ቢኖርም፤ ባለሥልጣኑ በተሽከርካሪ ላይ ፍጥነት የሚገድብ መሳሪያ የሚገጠምበትን ሁኔታ የሚወስን ይሆናል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል።

**፳. በቅደም ተከተል ማሽከርከር**

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ ሌላ ተሽከርካሪን በመከተል የሚያሽከረክር ከሆነ በማንኛውም ጊዜ ተሽከርካሪውን ያለአደጋ ማቆም እንዲችል ፍጥነቱን፣ ከፊቱ ያለውን ተሽከርካሪ፣ የመንገዱን ሁኔታ የማየት ችሎታና የትራፊክ ብዛትን ከግምት ውስጥ በማስገባት ማሽከርካር አለበት፤
፪) አሽከርካሪዎች ከከተማ ክልል ውጪ አራትና ከዚያ በላይ የሆኑ ተሽከርካሪዎችን በቅደም ተከተል በሚያሽከረክሩበት ጊዜ ሌላ ተሽከርካሪ በቀላሉ በመካከላቸው መግባት የሚያስችል በቂ ስፋት እንዲኖር በማድረግ ማሽከርከር አለባቸው፤
፫) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፪ ሥር የተደነገገው የሬሳ ተሽከርካሪዎችና በተለየ ሁኔታ ሌላ ተሽከርካሪን በሚያጅቡ ተሽከርካሪዎች ላይ ተፈፃሚነት አይኖረውም።

**፳፩. ፊት ለፊት ስለመገናኘትና ቀድሞ ስለማለፍ**

፩) በተቃራኒ አቅጣጫ የሚተላለፉ ተሽከርካሪዎች በጠባብ መንገድ ላይ ፊት ለፊት ከተገናኙ ፍጥነት በመቀነስ የመንገዱን ቀኝ ጠርዝ በመያዝ መተላለፍ አለባቸው፤

**19. Special Case**

1) The concerned body may temporarily or permanently change the speed limit by erecting the road signs on any part of the road;
2) Notwithstanding to the provision under sub article 1 of this article, the Authority shall decide the condition where by the speed controlling equipment by fitting on the vehicles. Its implementation shall be determined by the directive to be issued.

**20. Driving one After the other**

1) Where any driver is driving following another vehicle, he shall at any drive taking in to account his speed the vehicle ahead of him, condition of the road seeing ability and the number of traffic so as to help himself stop his vehicle safely;
2) Where the drivers of four or more vehicles are driving one after the other outside of the municipal area, they shall drive by providing enough distance in between themselves so as to enable that other vehicle may easily enter between them;
3) The provision under sub article 2 of this article shall not be applicable on vehicles of Corpse and those vehicles which in special case accompany other vehicles.

**21. Meeting ahead and Passing with Priority**

1) Where the vehicles which pass each other at the opposite direction meet on a narrow road at their front, they shall pass each other by reducing speed and taking the right side of the road lane;

2) Konkolaataa Awutobisiidhaaf yeroo kamiyyuu dursa darbuu kennamuun akkuma eeggametti ta'ee konkolaattotni tabba yookiin irraan gadee irratti kan walitti dhufan yoo ta'e konkolaachisaan irraan gadee konkolaachisu kan tabba ba'uuf dursa kennuu qaba;

3) Konkolaachisaan kamiyyuu konkolaataa biraa dursee darbuuf karaa bitaa isaatiin qofa darbuu qaba;

4) Konkolaachisaan kamiyyuu konkolaataa fuuldura isaatti dhufu yookiin konkolaataa dursuuf yaalaa jiru irratti akka balaan hin dhaqqabne yookiin gufuu osoo itti hin ta'iin dursuu akka danda'u fi konkolaataa fageenya irraa dhufu kan hin jirre ta'uu isaa osoo hin mirkaneessiin darbuu hin qabu;

5) Konkolaachisaan kamiyyuu fageenyaan arguu kan hin dandeenye yookiin fiixee tabbaa, irraan gadee, riqicha, daandii hulluuqa bocamee hojjatame yookiin daandii daddabaatti kan dhiyaate yoo ta'e yookiin daandii qaxxaamuraa yookiin daandii qarqara baaburaa meetira shantama keessatti konkolaataa biraa dursuun hin hayyamamuuf;

6) Konkolaachisaan konkolaataa biraatiin durfamu daandiicha irraa gara mirgaatti siquun konkolaataan isa dursee darbee deemuu fi fageenya balaa hin geesifnen daangaa mirga daandichaatti osoo hin deebi'iin dura ariitii konkolataa isaa dabaluu hin qabu.

## 22. Kallattii Jijjiiruu

1) Konkolaachisaan kamiyyuu fageenyaan arguu kan hin dandeenye yookiin fiixee tabbaa, irraan gadee, riqicha, daandii hulluuqa bocamee hojjatame yookiin daandii daddabaatti kan dhiyaate yoo ta'e yookiin daandii qaxxaamuraa yookiin daandii qarqara baaburaa meetira shantama keessatti yookiin daandii sararri halluu hin ciccitne sararamee irratii gara bitaatti naannaa'uun hin hayyamamu;

፪) በማንኛውም ጊዜ ለአውቶቡስ ተሽከርካሪ ቅድሚያ መስጠት እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ተሽከርካሪዎች በዳገት ወይም በቁልቁለት ላይ የሚገናኙ ከሆነ ቁልቁል የሚያሽከረክር አሽከርካሪ ዳገት ለሚወጣ አሽከርካሪ ቅድሚያ መስጠት አለበት፤

፫) ማንኛውም አሽከርካሪ በሌላ ተሽከርካሪ ጎን ቀድሞ ለማለፍ በግራው አቅጣጫ ብቻ ማለፍ አለበት፤

፬) ማንኛውም አሽከርካሪ ከፊት ለፊቱ የሚመጣን ተሽከርካሪ ወይም ለመቅደም በሚፈልግ ተሽከርካሪ ላይ አደጋ እንዳይደርስ ወይም እንቅፋት ሳይሆንበት መቅደም እንዲችልና ከርቀት የሚመጣ ተሽከርካሪ የሌለ መሆኑን ሳያረጋግጥ ማለፍ የለበትም፤

፭) ማንኛውም አሽከርካሪ በርቀት ማየት የማይችልበት ሁኔታ ወይም በዳገት ጫፍ፣ በቁልቁለት፣ በድልድይ ላይ፣ ተቀርጾ በተሠራ መሿለኪያ መንገድ ወይም በጠመዝማዛ መንገድ የቀረበ ከሆነ ወይም በመስቀለኛ መንገድ ወይም በባቡር መንገድ ጠርዝ ፶ ሜትር ውስጥ ሌላ ተሽከርካሪን መቅደም አይፈቀድለትም፤

፮) በሌላ ተሽከርካሪ የሚቀደም አሽከርካሪ ከመንገዱ ወደ ቀኝ በመጠጋት ከእሱ ቀድሞ አልፎ የሚሄደውንና ተሽከርካሪ አደጋ በማያደርስ ርቀት ወደ መንገዱ የቀኝ ክልል ከመመለሱ በፊት የተሽከርካሪውን ፍጥነት መጨመር የለበትም።

## ፳፪. አቅጣጫ ስለመቀየር

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ በርቀት ማየት በማይችልበት ሁኔታ ወይም በዳገት ጫፍ፣ በቁልቁለት፣ በድልድይ ላይ፣ ተቀርጾ በተሠራ መሿለኪያ መንገድ ወይም በጠመዝማዛ መንገድ ሲቀርብ ወይም በመስቀለኛ መንገድ ወይም በባቡር መንገድ ጠርዝ ፶ ሜትር ውስጥ ወይም በማይቆራረጥ ቀለም በተቀባ መስመር ላይ ወደ ግራ መዞር አይፈቀድለትም፤

2) Without prejudice to ceding priority to Bus vehicle at any time, where vehicles meet on uphill road or downhill the driver driving downhill shall cede priority to the driver driving uphill;

3) Any driver passing another vehicle shall pass only at his left side;

4) Any driver shall not pass another vehicle without proving the absence of any vehicle coming from far their distance so as to avoid damage on the vehicle coming at his front or on the vehicle attempting to get priority and pass or to let it pass priority;

5) It is prohibited for any driver to pass another vehicle distances, or peaks of uphill, downhill, at the bridges, underground roads or where he is approaching bending roads, or on intersectional roads or on roads found at the sides of railways within fifty meters;

6) Any driver to be preceded by another vehicle shall cede priority by moving to the right edge of the road and shall not increase speed before identifying that the vehicle has gone farther and before he come to the right side of the road at the distance that does not cause any accident.

## 22. Changing Direction

1) It is prohibited for any driver to turn left being on the roads where it is impossible to see farther or approaching to the peaks of uphill, downhill, bridges, underground roads, or bending roads or intersecting roads or within fifty meters of railway road or on the roads lined with an uninterrupted paints;

2) Konkolaachisaan marfata tiraafiika nanna'u kamiyyuu kallattii mirgaa qofa qabachuun konkolaachisuu qaba;
3) Konkolaachisaan daandii qeenxeen qoqqodame irratti konkolaachisu kamiyyuu:
   a) Itti fayyadamaa daandii irratti balaa kan hin dhaqqabsiisne ta'uu isaa osoo hin mirkaneessin daandii qeenxee tokko irraa gara biraatti ce'uu hin qabu;
   b) Daandiin daandiiwwan qeenxee sadii yookiin isaa oliin yoo qoqqoodame konkolaatichi gara bitaatti naann'u yookiin konkolaataa biraa dursuu yoo barbaade malee yookiin daandiin qeenxee kallattii konkolaataan akka itti deemu qofaaf kan hin ramadamne yoo ta'e malee daandii qeenxee jidduu jiru keessa seenee akka konkolaachisu hin hayyamamu.

## 23. Naanna'uu yookiin Duubatti Konkolaachisuu

1) Konkolaachisaan kamiyyuu konkolaataan biroo isa duuba dhufaa jiru irratti of eegannoo barbaachisaa ta'een alatti kallattii jijjiiruu hin danda'u;
2) Konkolaachisaan gara mirgaatti naanna'uu kamiyyuu of eegannoo barbaachisaa taasisuun naanna'uu qaba;
3) Konkolaachisaan kamiyyuu gara duubatti konkolaachisuuf wanti isa dirqisiisu yoo mudate qofa ofeeggannoo barbaachisaa taasisuun duubatti konkolaachisuu ni danda'a.

## 24. Hadiida Baaburaa Qaxxaamuruu

1) Konkolaachisaan kamiyyuu bakka qaxxaamuura hadiida baaburaa yammuu dhaqqabu of eeggannoo barbaachisaa taasisuun suuta konkolaachisuu qaba;

፪) የትራፊክ ደሴትን የሚዞር ማንኛውም አሽከርካሪ ቀኙን አቅጣጫ ብቻ በመያዝ ማሽከርከር አለበት፤
፫) በነጠላ መስመር በተከፋፈለ መንገድ ላይ የሚያሽከረክር ማንኛውም አሽከርካሪ፡-
   (ሀ) በመንገድ ተጠቃሚዎች ላይ ጉዳት የማያደርስ መሆኑን ሳያረጋገጥ ከአንድ ነጠላ መስመር መንገድ ወደ ሌላ መሻገር የለበትም፤
   (ለ) አንድ መንገድ በሦስት ወይም ከዚያ በላይ ነጠላ መንገዶች ከተከፋፈለ ተሽከርካሪው ወደ ግራ መዞር ካልፈለገ በስተቀር ወይም ሌላ ተሽከርካሪን መቅደም ካልፈለገ በስተቀር ወይም ነጠላ መስመር መንገዱ ተሽከርካሪ ብቻ እንዲሄድበት ያልተመደበ ካልሆነ በስተቀር መሃል ባለው ነጠላ መንገድ ውስጥ ገብቶ እንዲያሽከረክር አይፈቀድም፡፡

## ፳፫. መዞር ወይም ወደ ኋላ ማሽከርከር

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ ከኋላው ለሚመጣ ተሽከርካሪ አስፈላጊውን ጥንቃቄ ሳያደርግ አቅጣጫ መቀየር አይችልም፤
፪) ማንኛውም ወደ ቀኝ የሚዞር አሽከርካሪ አስፈላጊውን ጥንቃቄ በማድረግ መዞር አለበት፤
፫) ማንኛውም አሽከርካሪ ወደ ኋላ ለማሽከርከር የሚያስገድድ ሁኔታ ሲያጋጥመው ብቻ አስፈላጊውን ጥንቃቄ በማድረግ ወደ ኋላ ማሽከርከር ይችላል፡፡

## ፳፬. የባቡር ሐዲድ ማቋረጥ

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ የባቡር ሐዲድ ማቋረጫ ቦታ በሚደርስበት ጊዜ አስፈላጊውን ጥንቃቄ በማድረግ በዝግታ ማሽከርከር አለበት፤

2) Any driver turning the traffic circle shall drive taking only the right direction;
3) Any driver driving on divided lane;
   (a) Shall not cross from one lane to the other before making sure that he does not cause any danger on the road users;
   (b) Where the road is divided in to three or more lanes, it is prohibited to drive entering in to the single lane which is the middle unless he wants to turn the vehicle to the left or to pass another vehicle or unless the single lane is not assigned to be used for only vehicles.

## 23. Turning or Driving back

1) Any driver shall not change his driving direction without making the required care for another vehicle coming from his back direction;
2) Any driver turning to the right shall turn by making the necessary care;
3) Any driver shall drive back where he encounters compelling problem by making the necessary care.

## 24. Railway Crossing

1) Any driver shall make the necessary precaution and drive slowly while he approaches railway crossings;

2) Konkolaachisaan kamiyyuu bakka qaxxaamura hadiida baaburaa yammuu dhaqqabu:
   (a) Sagaleen yookiin mallattoon dhufaatii baaburraa akeekkachiisuu yammuu kennamu;
   (b) Balballi qaxxaamuraa hadiida baaburaayammuu banamu yookiin cufamu;hadiida baaburaa dhiyeenya isaatti argamu irraa fageenya meetira 6 olta'uu irratti konkolaataa dhaabuun baaburicha dabarsuu qaba;
3) Konkolaataan fanjii dhuka'aa yookiin wantoota boba'an fe'e yookiin Awutobiisiin namoota 8 ol fe'e bakka qaxxaamura hadiida baaburaatti yammuu dhiyaatu fageenya meetira 6 fi isaa ol ta'utti of eegannoo barbaachisaa taasisuun konkolaachisuu qaba.
4) Namni kamiyyuu balballi bakka qaxxaamuura hadiida baaburaa irra jiru yammuu banamu yookiin cufamu yookiin erga cufamee booda jala yookiin irra balbalichaa darbuun dhorkaa dha;

## 25. Mallattoo Agarsiisuu

1) Konkolaachisaan kamiyyuu naanna'uun, kallattii jijjiiruun yookiin ariitii xiqqeesuun dura yookiin dhaabbachuun dura daangaa magaalaa keessatti meetira 50 fi daangaa magaalaatiin ala ammo meetira 25 irratti haala ifatti mul'atutti mallattoo akeekkachiisaa kennuu qaba;
2) Mallattoon akeekkachiisaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin kennamu ibsaadhaan yammuu kennamu:
   (a) Gara mirgaa naanna'uuf yookiin kallattii jijjiiruuf konkolaachisaan agarsiistuu ibsaaduubaa, duraa fi cinaa gama mirgaa jiruibsuu qaba;

፪) ማንኛውም አሽከርካሪ የባቡር ሐዲድ ማቋረጫ ቦታ በሚደርስበት ጊዜ፡-
   (ሀ) የባቡር መምጣትን የሚያስጠነቅቅ ድምጽ ወይም ምልክት ሲሰጥ፤
   (ለ) የባቡር ሐዲድ ማቋረጫ በር ሲከፈት ወይም ሲዘጋ፣ በአቅራቢያው ከሚገኘው የባቡር ሐዲድ ከ6 ሜትር በላይ በሚሆን ርቀት ላይ ተሽከርከሪውን በማቆም ባቡሩን ማሳለፍ አለበት፡፡
፫) የሚፈነዳ ፈንጂ ወይም ተቀጣጣይ ነገሮችን የጫነ ተሽከርካሪ ወይም ከ፰ ሰዎች በላይ የጫነ አውቶቡስ የባቡር ሐዲድ ማቋረጫ ቦታ በሚደርስበት ጊዜ ፮ እና ከዚያ በላይ ሜትር በሚሆን ርቀት ላይ አስፈላጊውን ጥንቃቄ በማድረግ ማሽከርከር አለበት፤
፬) ማንኛውም ሰው የባቡር ሐዲድ ማቋረጫ ቦታ ያለው በር በሚከፈትበት ወይም በሚዘጋበት ጊዜ ወይም ከተዘጋ በኋላ በበሩ ሥር ወይም በበሩ ላይ ማለፍ የተከለከለ ነው፡፡

## ፳፭. ምልክት ማሳየት

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ ከመዞሩ ወይም አቅጣጫ ከመቀየሩ ወይም ፍጥነት ከመቀነሱ በፊት ወይም ከመቆሙ በፊት በከተማ ክልል ውስጥ ፶ ሜትር እና ከከተማ ክልል ውጪ ደግሞ ፳፭ ሜትር ላይ በግልፅ በሚታይ ሁኔታ የማስጠንቀቂያ ምልክት መስጠት አለበት፤
፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ መሠረት የሚሰጠው የማስጠንቀቂያ ምልክት በመብራት በሚሰጥበት ጊዜ፡-
   (ሀ) አሽከርካሪው ወደ ቀኝ ለመዞር ወይም አቅጣጫ ለመቀየር በኋላ፣ በፊትና በጎን በኩል ያለውን ቀኝ መብራት ምልክት ማብራት አለበት፤

2) Where any driver approaches at the railway crossing place:-
   (a) When the sound or sign alerting the coming of a train;
   (b) When the railway crossing gate opened or shut he shall stop the vehicle at a distance of 6 or more meters away from the nearby railway and let the train to pass.
3) When the driver of vehicle loading explosives or fuel or driving a bus loading of 8 or more passengers approaches the railway crossing area, he shall drive making the necessary care at about 6 and above meters;
4) It is prohibited to any person to pass under or on the gate found at the railway crossing line when such gate is opened or shut or after it has been shut.

## 25. Indicating Sign

1) Any driver shall give warning sign in an easily visible way before turning, changing direction or reducing speed or stopping at 50 meters in the municipal area and 25 meters outside the municipal area;
2) Where the warning sign specified under sub article 1 of this article is given by using lights:-
   (a) To turn to right or to change direction, the driver shall lit the light indicator of back, front and the right sides;

(b) Gara bitaatti naanna'uuf yookiin kallattii jijjiiruuf konkolaachisaan agarsiistuu ibsaa duubaa, duraa fi cinaa gama bitaa jiru ibsuu qaba;

(c) Ariitii xiqqeesuuf yookiin konkolaataa dhaabuuf ibsaalee gama duuba jiran keessaa yoo xiqqaate tokko ibsuu qaba;

3) Mallattoon akeekkachiisaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin kennamu harkaan yammuu kennamu:

(a) Gara mirgaatti naanna'uuf yookiin kallattii jijjiiruuf konkolaachisaan irree harka bitaa isaa bitaa irraa gara mirgaatti naanneessuun;

(b) Gara bitaatti naanna'uuf konkolaachisaan irree harka bitaa isaa gara alaatti diriirsuun barruu harka isaa gara lafaatti qabuun;

(c) Suuta konkolaachisuuf yookiin dhaabuuf irree harka bitaa isaa ol fi gadi sochoosuun barruu harka isaa gadi qabuun mallattoo agarsiisuu qaba;

4) Konkolachisaan ibsaa konkolaataa makaanikaalaan yookiin elektriikaa hojjatu sirriitti hojjachuu isaanii to'achuuf dirqama qaba;

5) Konkolaachisaan bu'uura keewwata kanaatiin tumameen konkolaataanmallattoon akeekkachiisaa kennameef ariitii konkolaatichaa xiqqeessuu yookiin dhaabuu akka danda'uuf of eegannoo barbaachisaa taasiisuu qaba.

**26. Mallattoolee Akeekkachiisaa Dhorkaman**

1) Haala addaatiin Abbaa Taayitichaatiin yoo tumameen alatti konkolaachisaan kamiyyuu fooricuun, afishkaadhaan, dawilin yookiin meeshaalee aara baasaniin sagalee akeekkachiisaa kennuu hin qabu;

(ለ) አሽከርካሪው ወደ ግራ ለመዞር ወይም አቅጣጫ ለመቀየር በኋላ፣ በፊትና በግራ ጎን በኩል ያለውን መብራት ምልክትማብራት አለበት፤

(ሐ) ፍጥነት ለመቀነስ ወይም ተሽከርካሪ ለማቆም በኋላ በኩል ካሉት ማብራቶች ውስጥ ቢያንስ አንዱን ማብራት አለበት፤

፫) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ መሠረት የሚሰጠው የማስጠንቀቂያ ምልክት በእጅ በሚሰጥበት ጊዜ አሽከርካሪው፡-

(ሀ) ወደ ቀኝ ለመዞር ወይም አቅጣጫ ለመቀየር የግራ እጅ ክንዱን ከግራ ወደ ቀኝ በማዞር፤

(ለ) ወደ ግራ ለመዞር የግራ እጅ ክንዱን ወደ ውጪ በመዘርጋት የእጁን መዳፍ ወደ መሬት በማድረግ፤

(ሐ) በዝግታ ለመንዳት ወይም ለማቆም የግራ እጅ ክንዱን ወደ ላይና ወደ ታች በማንቀሳቀስ የእጁን መዳፍ ወደ መሬት በማድረግ ምልክት ማሳየት አለበት፡፡

፬) አሽከርካሪው በመካኒካል ወይም በኤሌክትሪክ የሚሠራውን የተሽከርካሪ መብራት በትክክል መሥራታቸውን ለመቆጣጠር ግዴታ አለበት፤

፭) በዚህ አንቀፅ መሠረት በተደነገገው መሠረት የማስጠንቀቂያ ምልክት የተሰጠው አሽከርካሪ የተሽከርካሪውን ፍጥነት መቀነስ ወይም ማቆም እንዲችል አስፈላጊውን ጥንቃቄ ማድረግ አለበት፡፡

**፳፮. ስለተከለከሉ የማስጠንቀቂያ ምልክቶች**

፩) በባለሥልጣኑ በተለየ ሁኔታ ካልተደነገገ በስተቀር ማንኛውም አሽከርካሪ በማፏጨት፣ በፊሽካ፣ በደውል ወይም ጪስ በሚያወጡ መሳሪያዎች የማስጠንቀቂያ ድምጽ መስጠት የለበትም፤

(b) To turn left or change direction, the driver shall lit the back, front and left side light indicator;

(c) To reduce speed or stop the vehicle, he shall lit at least one of the back lights;

3) Where the warning sign under sub article 1 of this article is to be given by hand, the driver shall indicate sign:-

(a) To turn right or change direction, by turn his left hand arm from left to the right;

(b) To turn left, by stretching his left hand arm outwards and pointing his hand down wards;

(c) To drive slowly or stop by moving left hand arm up and down and moving palm of his hand downwards.

4) The driver is obliged to follow up and control the proper functioning of his vehicle's light operating mechanically or electrically;

5) The driver shall take the necessary precaution to enable the driver given a warning sign as per the provisions under this article reduce the speed of his vehicle or stop it accordingly.

**26. Prohibited Warning Signs**

1) Unless stipulated otherwise by the Authority, no driver shall give warning sound by blowing whistle, ringing, or using smoke emitting materials;

2) Konkolaachisaan kamiyyuu bakkaa fi haala hin barbaachiifneen mallattoo akeekkachiisaa kennuu hin qabu.

### 27. Dursa Kennuu

1) Konkolaachisaan kamiyyuu lafoo deemtotaaf dursa kennuu qaba;
2) Konkolaachisaan kamiyyuu daandii qaxxaamuraattiyammuu dhaqqabu konkolaataa daandii qaxxaamuraa keessa seeneef dursa kennuu qaba;
3) Konkolaatootni lama yookiin isaa ol ta'an kallattii adda addaa irraa si'a tokkotti daandii qaxxaamuraa irra yoo dhaqqaban, konkolaachisaan konkolaataa gara mirgaa isaatiin dhufeef dursa kennuu qaba;
4) Daandii qaxxaamuraa irratti marfatni tiraafiikaa yoo jiraate konkolaachisaan marfatatti dhiyaate konkolaattota dursanii marfaticha naanna'aa jiraniif dursa kennuu qaba;
5) Konkolaachisaan kamiyyuu daandii qaxxaamuraa sarara keelloo nageenya tiraafikaa roga afuriin dibameetti yammuu dhaqqabu konkolaataa dursa sararicha keessa galeef dursa kennuu qaba.

### 28. Daandii Guddaatti Seenuu

Konkolaachisaan kamiyyuu daandii kamiyyuu irraa yammuu gara daandii guddaatti seenuu lafoo deemtotaa fi konkolaattota daandii guddaa irra darbuuf dhiyaatan hundaaf dursa kennuu qaba.

### 29. Daandii Lafoo Deemtootni itti Qaxxaamuranitti Dhiyaachuu

Konkolaachisaan kamiyyuu iddoo lafoo deemtootni daandii itti qaxxaamuran itti mallattoon qaxxamuran lafoo deemtootaa bakka jirus ta'ee hin jiraaneetti ariitii konkolaataa xiqqeessuun yookiin dhaabuun lafoo deemtootadabarsuu qaba.

፪) ማንኛውም አሽከርካሪ ባልተፈለገ ቦታና ሁኔታ የማስጠንቀቅያ ምልክት መስጠት የለበትም፡፡

### ፳፯. ቅድሚያ ስለመስጠት

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ ለእግረኞች ቅድሚያ መስጠት አለበት፤
፪) ማንኛውም አሽከርካሪ በመስቀለኛ መንገድ ላይ በሚደርስበት ጊዜ በመስቀለኛ መንገድ ውስጥ ለገባ ተሽከርካሪ ቅድሚያ መስጠት አለበት፤
፫) ሁለት ወይም ከዚያ በላይ የሆኑ ተሽከርካሪዎች ከተለያዩ አቅጣጫዎችን በአንድ ጊዜ በአንድ መስቀለኛ መንገድ ላይ ከደረሱ አሽከርካሪ በቀኝ በኩል ለመጣ ተሽከርካሪ ቅድሚያ መስጠት አለበት፤
፬) በመስቀለኛ መንገድ ላይ የትራፊክ ደሴት ካለ ወደ ደሴቱ የቀረበ አሽከርካሪ ቀድመው ደሴቱን እየዞሩ ላሉ ተሽከርካሪዎች ቅድሚያ መስጠት አለበት፤
፭) ማንኛውም አሽከርካሪ በቢጫ መስመር በተቀባ አራት ማዕዘን የትራፊክ ደህንነት መስቀለኛ መንገድ ላይ ሲደርስ ቀድሞ በመስመሩ ውስጥ ለገባ ተሽከርካሪ ቅድሚያ መስጠት አለበት፡፡

### ፳፰. ወደ ዋና መንገድ መግባት

ማንኛውም አሽከርካሪ ከየትኛውም መንገድ ወደ ዋና መንገድ በሚገባበት ጊዜ ለእግረኞችና በዋና መንገድ ላይ ለማለፍ ለተቃረቡ ተሽከርካሪዎች ሁሉ ቅድሚያ መስጠት አለበት፡፡

### ፳፱. እግረኞች ወደሚያቋርጡበት መንገድ ስለመቃረብ

ማንኛውም አሽከርካሪ የእግረኞች መቋረጫ ምልክት ባለውም ሆነ በሌለው የእግረኞች መቋረጫ ቦታ የሚያቋርጡበት መንገድ ላይ የተሽከርካሪውን ፍጥነት በመቀነስ ወይም በማቆም እግረኞችን ማሳለፍ አለበት፡፡

2) No driver shall give warning sign at the unnecessary place and condition.

### 27. Ceding Priority

1) Any driver shall cede priority for pedestrians;
2) Any driver who reached at the crossing roads shall cede priority for the vehicle already entered in to such crossing roads;
3) Where two or more vehicles reached at the crossing road from different directions simultaneously, the driver shall cede priority for the vehicle that comes at his right side;
4) Where there is a traffic circle on the crossing road, the driver approaching to the circle shall cede priority for the vehicles which are already turning around such circle;
5) Where any driver reaches at a cross roads painted with yellow traffic safety line in rectangular, he shall cede priority for the vehicle already entered in to such line.

### 28. Entering to Main Road

Where any driver enters in to the main road from any roads, he shall cede priority for all the pedestrians and vehicles approaching to pass on such road.

### 29. Approaching to Pedestrians Crossing Roads

Any driver shall cede priority and let the pedestrians pass by reducing the speed or stopping his vehicle at the pedestrian crossing areas irrespective of the presence or absence of pedestrians crossing signs.

**30. Konkolaataa Yeroo Balaa Tajaajilu**

1) Tiraafiikiin konkolaataa yeroo balaa tajaajilu fuuldura jiru kamiyyuu:
   (a) Konkolaachistootni konkolaattota isaanii ariitiidhaan gara daandicha qarqara mirgaatti maqsanii dhaabuudhan konkolaataa yeroo balaa tajaajilu dabarsuu qabu;
   (b) Lafoo deemtootni daandii irra jiran yookiin namoonni beeyladaa eegaa yookiin oofaa jiran hatattamaatti daandicha gadhiisanii bahuu qabu;
2) Konkolaachisaa konkolaataa yeroo balaa tajaajilu malee konkolaachisaan kamiyyuu ifaa diimaa yookiin cuquliisa balaqqeessuudhaan yookiin sagaleedhaan mallattoo ofeegganoo kennaa konkolaachisuu hin qabu.

**31. Haala addaa**

1) Konkolaachisaan konkolaataa yeroo balaa tajaajilu kamiyyuu hojii isaa yammuu hojjatu qajeeltoo of eegannoo Dambii kana keewwata 8(1 fi 2) jalatti tumaman alatti:
   (a) Dirqama Dambii kanaan yookiin seera birootiin tumame osoo hin eegiin konkolaataa dhaabuu;
   (b) Haala balaa hin dhaqqabsiisneen ariitii konkolaataa xiqqeessuun mallattoo dhaabadhu jedhun osoo hin agarsiisiin dhaabuu;
   (c) Ariitii murtaa'e ol konkolaachisuu; fi
   (d) Hojii isaa raawwachuudhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame sochii tiraafiikaatiin wal qabatee tumaalee bahan fi mallattoo daandii osoo hin eegiin kallattii barbaadetti naanna'uu nidanda'a;

**30. የአደጋ ጊዜ ተሽከርካሪ**

፩) ከአደጋ ጊዜ የሚያገለግል ተሽከርካሪ ፊት ለፊት ያለ ማንኛውም ትራፊክ፡-
   (ሀ) አሽከርካሪዎች ተሽከርካሪዎቻቸውን በፍጥነት ወደ መንገዱ ቀኝ ጠርዝ አስጠግተው በማቆም የአደጋ ጊዜ ተሽከርካሪ ማሳለፍ አለባቸው፤
   (ለ) በመንገድ ላይ ያሉ እግረኞች ወይም እንስሳትን እየጠበቁ ወይም እየነዱ ያሉ ሰዎች በፍጥነት መንገዱን በመልቀቅ መውጣት አለባቸው፡፡
፪) በአደጋ ጊዜ ከሚያገለግል ተሽከርካሪ በስተቀር ማንኛውም አሽከርካሪ ቀይ ወይም አረንጓዴ መብራት በማንፀባረቅ ወይም በድምጽ የማስጠንቀቂያ ምልክት እየሰጠ ማሽከርከር የለበትም፡፡

**፴፩. ልዩ ሁኔታ**

፩) የአደጋ ጊዜ ተሽከርካሪ የሚያሽከረክር ማንኛውም አሽከርካሪ ሥራውን በሚያከናውንበት ጊዜ በዚህ ደንብ አንቀፅ ፰ (፩ እና ፪) ሥር ከተደነገጉት የጥንቃቄ መመሪያዎች በተጨማሪ፤
   (ሀ) በዚህ ደንብ ወይም በሌሎች ሕጎች የተደነገገውን ግዴታ ሳይጠብቅ ማቆም፤
   (ለ) አደጋ በማያደርስ ሁኔታ የተሽከርካሪን ፍጥነት በመቀነስ "ቁም" የሚል ምልክት ሳያሳይ ማቆም፤
   (ሐ) ከተወሰነ ፍጥነት በላይ ማሽከርከር፤
   (መ) ሥራውን ለማከናወን አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ ከትራፊክ እንቅስቃሴ ጋር በተያያዘ የወጡ ድንጋጌዎችና የመንገድ ምልክቶችን ሳይጠብቅ ወደ ፈለገው አቅጣጫ መዞር ይችላል፡፡

**30. Emergency Service Vehicle**

1) Any traffic in front of which emergency Service vehicle is found:-
   (a) The drivers shall quickly turn their vehicles to the right side of the road and stop to let the emergency vehicle pass;
   (b) The pedestrians on the road or persons keeping or flocking animals on the road shall quickly leave such road.
2) Any driver other than the driver of emergency vehicle shall not drive by giving warning sign through sparkling red or blue light or by using sounds.

**31. Special Condition**

1) Any driver of emergency vehicle, while he performs his duty may other than the precautionary principles provided under article 8 (1 and 2) of this Regulation:-
   (a) Stop his vehicle without observing the obligations provided in this Regulation or by other laws;
   (b) Stop without showing the sign of stop in a way that does not cause damage by reducing the speed of his vehicle;
   (c) Driving beyond the limited speed; and
   (d) Turn to the direction needed without observing the provisions stipulated in connection with traffic movement and carry out duty.

2) Konkolaachisaan konkolaataa yeroo balaa tajaajilu konkolaachisu kamiyyuu dhimmoota hayyamameefiin alatti konkolaatichatti fayyadamuu hin qabu;
3) Hojii konkolaataan yeroo balaa tajaajilu raawwatu irratti hirmaachuuf yoo ta'e malee konkolaataan kamiyyuu fageenya meetira 100 gadiitti konkolaataa yeroo balaa tajaajilutti dhiyaatee konkolaachisuu hin qabu.

**32. Konkolaataa Dhaabuu /Parking/ Konkolaachisaan kamiyyuu:**

1) Konkolaataa isaa yammuu dhaabee deemuu haala konkolaaticha isaa tilmaama keessa galcheen ofeegganoo gahaa taasisuun dhaabuu qaba;
2) Konkolaataa isaa yammuu dhaabuu mootara dhaamsuun, furtuu irraa kaasuun fi balbala konkolaatichaa cufuun dhaabuu qaba;
3) Yammuu bakka irraan gadeetti konkolaataa isaa dhaabu gommaa konkolaataa isa fuulduraa daandii itti dhiyaatutti deebisuu qaba;
4) Konkolaataa isaa yeroo ifaan ifuu qabuutti yammuu dhaabu ibsaa dhaabbachuu konkolaatichaa mul'isu ibsuu qaba.

**33. Haalota Konkolaataa Dhaabuun itti Dhorkamu**

1) Daandii magaalaatiin alatti iddoo dhaabbannaa konkolaataa yoo jiraachu baatee iddoowwan sochiin tiraafikaa baay'atutti;
2) Bal'ina daandii meetira 12 gadi ta'e irratti;
3) Konkolaattotni kallatti lamaanuu irraa dhufan fageenya meetira 50 irratti fi bakka arguu hin dandeenye irratti;
4) Konkolaachisaan kamiyyuu haala konkolaataa biraa darbaa jiru gufachiisuun yookiin dhorkuun yookiin haala itti fayyadamaa daandii mallattoo daandiichaa dhoksuu danda'un.

፪) በአደጋ ጊዜ የሚያገለግል ተሽከርካሪን የሚያሽከረክር ማንኛውም አሽከርካሪ ከተፈቀደለት ጉዳይ ውጪ በተሽከርካሪው መጠቀም የለበትም፤
፫) የአደጋ ጊዜ ተሽከርካሪ የሚሠራው ሥራ ላይ ለመሳተፍ ካልሆነ በስተቀር ማንኛውም አሽከርካሪ ከ፻ ሜትር ርቀት በታች ወደ አደጋ ጊዜ ተሽከርካሪ ቀርቦ ማሽከርከር አይችልም።

**፴፪. ተሽከርካሪ ስለማቆም**

ማንኛውም አሽከርካሪ፤

፩) ተሽከርካሪውን አቁሞ በሚሄድበት ጊዜ ተሽከርካሪውን ከግምት ውስጥ ባስገባ ሁኔታ በቂ ጥንቃቄ በማድረግ ማቆም አለበት፤
፪) ተሽከርካሪውን በሚያቆምበት ጊዜ ሞተሩን በማጥፋት፣ ቁልፉን በማንሳትና የተሽከርካሪውን በር በመዝጋት ማቆም አለበት፤
፫) ተሽከርካሪውን በቁልቁለታማ ቦታ በሚያቆምበት ጊዜ የተሽከርካሪውን የፊት ጎማ ወደሚቀርበው መንገድ መመለስ አለበት፤
፬) መብራት መበራት ባለበት ጊዜ ተሽከርካሪውን ሲያቆም የተሽከርካሪውን መቆም የሚያሳይ መብራት ማብራት አለበት።

**፴፫. ተሽከርካሪ ማቆም የሚከለከልበት ሁኔታዎች**

፩) ከከተማ መንገድ ውጪ የተሽከርከሪ ማቆሚያ ከሌለ የትራፊክ እንቅስቃሴ በሚበዛበት ቦታ፤
፪) ከ፲፪ ሜትር በታች በሆነ የመንገድ ስፋት ላይ፤
፫) ከሁለቱም አቅጣጫዎች ከሚመጡ ተሽከርካሪዎች በ፶ ሜትር ላይና ማየት በማይቻልበት ቦታ ላይ፤
፬) ማንኛውም አሽከርካሪ በማለፍ ላይ ያለን ሌላ ተሽከርካሪ በሚያደናቅፍ ወይም በሚከለክል ሁኔታ ወይም የመንገዱን ምልክት መደበቅ በሚችል የመንገድ አጠቃቀም ሁኔታ።

2) Any driver of emergency vehicle shall not use this vehicle for the purpose other than it is permitted;
3) Unless to take part on the activities performed by emergency vehicle, any driver shall not drive at a distance of less than 100 meters nearer to wards the emergency vehicle.

**32. Parking a Vehicle**

Any driver shall:-

1) Park his vehicle by taking the required precaution which takes in to account the situation his vehicle while he leaves his vehicle parking it;
2) Park his vehicle by put-off the engine, taking away the key, and shutting it;
3) Turn the front tire of the vehicle to the road nearer to it while he is parking his vehicle at downhill areas;
4) Lit on the light indicating the stoppage of the vehicle while he is parking vehicle at the lightening time.

**33. Conditions Parking be Prohibited**

1) In areas of high traffic movements except municipal area roads where there is no parking station;
2) On a road less than 12 meters width;
3) At a distance of 50 meters of the vehicle coming from both directions and where it is difficult to see;
4) In a way that obstructs another passing vehicle or in a condition that obscure road signs from the users of such road.

**34. Iddoowwan Konkolaataa dhaabuun itti Dhorkame**

Konkolaachisaan kamiyyuu iddoowwan armaan gadii kanneenitti yeroo gabaabaafiis ta'ee dheeraadhaf konkolaataa dhaabuun hin danda'amu:

1) Qarqara bitaa daandii abbaa kallattii tokko irratti;
2) Daandii lafoo deemtootaa irratti yookiin daandii lafoo deemtootni irra qaxxaamuran irraa hanga meetira 12 keessatti;
3) Daandii qaxxaamuraa irraa fageenyahanga meetira 12 jiddutti;
4) Daandii bal'ina meetira 12 gadi ta'e irratti;
5) Bahiinsa yookiin seensa daandii dhunfaa irratti;
6) Ujummoo lolaan keessa darbu irraa hanga meetira 5 keessatti;
7) Bakka mallattoolleen daandii dhaabachuu hayyamaniin alatti jiran irraa hanga meetira 12 keessatti;
8) Iddoo daandiin konkolaataa fi hadiidni baaburaa itti wal qaxxaamuran irraa hanga meetira 12 keessatti;
9) Buufata tajaajila balaa ibidda dhaamsuu yookiin buufata tajaajilli yaalaa lubbuu baraarsuu itti kennamu irraa hanga meetira 12 keessatti;
10) Konkolaataa daandii qarqara dhaabbate cinaatti;
11) Riqichaa irratti yookiin iddoo hulluuqa daandii konkolaataa irratti;
12) Dura yookiin duuba fermaataa awutoobisii irraa hanga meetira 15 keessatti;
13) Daandii qeenxee qoqqoodame irratti;

**፴፬. ተሽከርካሪ ማቆም የተከለከለባቸው ቦታዎች**

ማንኛውም አሽከርካሪ በሚከተሉት ቦታዎች ለአጭርም ሆነ ረዥም ጊዜ ተሽከርካሪ ማቆም አይችልም፡-

፩) ባለአንድ አቅጣጫ መንገድ ግራ ጠርዝ ላይ፤
፪) በእግረኞች መንገድ ላይ ወይም እግረኞች ከሚያቋርጡት መንገድ እስከ ፲፪ ሜትር ውስጥ፤
፫) ከመስቀለኛ መንገድ እስከ ፲፪ ሜትር ውስጥ፤
፬) ከ፲፪ ሜትር በታች በሆነ የመንገድ ስፋት ላይ፤
፭) በግል መንገድ መግቢያ ወይም መውጫ ላይ፤
፮) ጎርፍ ከሚያልፍበት ቱቦ እስከ ፭ ሜትር ውስጥ፤
፯) ለማቆም ከሚፈቅዱ ምልክቶች ውጪ ከሆኑ ቦታዎች እስከ ፲፪ ሜትር ውስጥ፤
፰) የተሽከርካሪ መንገድና የባቡር ሐዲድ ከሚቋረጡበት ቦታ እስከ ፲፪ ሜትር ውስጥ፤
፱) የእሳት አደጋ ማጥፊያ አገልግሎት ጣቢያ ወይም የሕይወት ማዳን አገልግሎት ከሚሰጥበት ጣቢያ እስከ ፲፪ ሜትር ውስጥ፤
፲) ከመንገድ ዳር በቆመ ተሽከርካሪ ጎን፤
፲፩) ድልድይ ላይ ወይም በተሽከርካሪ መሿለኪያ መንገድ ላይ፤
፲፪) ከአውቶቡስ መጫኛና ማውረጃ ፊት ወይም ኋላ እስከ ፲፭ ሜትር ውስጥ፤
፲፫) በተከፋፈለ ነጠላ መንገድ ላይ።

**34. Places Where Parking Prohibited**

Any driver is prohibited to park his vehicle for short or long period at the following places:-

1) Left side of one direction roads;
2) On pedestrian roads or within a distance of 12 meters away from pedestrian crossing roads;
3) Within a distance of 12 meters from crossing roads;
4) On a road which is less than 12 meters wide;
5) On the exit or entrance of private roads;
6) Within a distance of 5 meters from pipes through which flood passes;
7) Within a distance of about 12 meters from places other than places where there are signs permitting to park;
8) Within a distance of about 12 meters from which vehicle road and railway intersect;
9) Within a distance of about 12 meters from fire hazard extinguishing service provision stations or from life rescuing treatment service provision stations;
10) Beside a vehicle parked at edge of a road;
11) On the bridge or on an underground passing roads;
12) Within a distance of about 15 meters from the front or back of bus stopping area;
13) On a divided lanes.

**35. Mallattoolee fi Agarsiistuwwan Daandii**

1) Mallattoowwan daandii qaama dhimmi ilaaluun hayyamaman alatti fayyadamuun yookiin qarqara daandii irrattidhaabuun dhorkaa dha;
2) Mallattoowwan fi agarsiistuuwwan daandii kamiyyuu kaasuun, balleessuun, iddoo dhaabbatee irraa jijjiirun yookiin haala kaminiyyuu ifatti akka hin mul'ane yookiin hin dubbifamne gochuun dhorkaa dha.

**36. Haala Teeknika Konkolaaticha Mirkaneeffachuu**

Konkolaachisaan kamiyyuu

1) Konkolaataa isaa sochosuun duratti meeshaaleen konkolaataa hundi hojachuu isaa ilaaludhaan mirkaneeffachuu qaba;
2) Yeroofi iddoo barbaachisaa ta'eetti ibsaa sirrii ta'e ibsuu qaba.

**37. Waa'ee Fe'iinsaa**

Konkolaachisaan kamiyyuu

1) Dandeettii fe'umsaa konkolaatichaaf murtaa'eefiin olitti fe'uu hin danda'u;
2) Ijoollee umriin isaanii waggaa 13 gadi ta'ee gaabbinaa teesisuun dhorkaa dha;
3) Haalli konkolaatichi hojjatameef meeshaa yookiin beeylada fe'uuf mijataa yoo ta'uu baate yookiin fe'umsichi qaama fe'umsaa konkolaatichaa ala kan darbu yoo ta'e meeshaa yookiin beeylada fe'uu hin qabu dha;
4) Tarreefamni sirna fe'umsaa fi deddeebisa namaa, meeshaa fi beeyladaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**38. Boba'aa Waraabuu**

Yammuu boba'aan konkolaataa warabamu of eegannoo taasifamu qabu:

1) Konkolaachisaan kamiyyuu mootora konkolaatichaa osoo hin dhaamsiin yookiin konkolaatichi kan deddeebisa ummataa yoo ta'e osoo namootni konkolaaticha keessa jirani boba'aa waraabuu yookiin waraabsiisuu hin qabu;

**፴፭. ስለመንገድ ምልክቶችና አመላካቾች**

፩) በሚመለከተው አካል ከተፈቀዱ የመንገድ ምልክቶች ውጪ መጠቀም ወይም በመንገድ ጠርዝ ማቆም ክልክል ነው፤
፪) ማንኛውንም የመንገድ ምልክቶችና ጠቋሚዎች ማንሳት፣ ማጥፋት፣ ከቆመበት ቦታ መቀየር በማንኛውም ሁኔታ በግልጽ እንዳይታይ ወይም እዳይነበብ ማድረግ የተከለከለ ነው፡፡

**፴፮. የተሽከርካሪውን የቴክኒክ ሁኔታ ማረጋገጥ**

ማንኛውም አሽከርካሪ፡-

፩) ተሽከርካሪውን ከማንቀሳቀሱ በፊት ሁሉም የተሽከርካሪው ዕቃዎች መሥራታቸውን በማየት ማረጋገጥ አለበት፤
፪) አስፈላጊ በሆነ ጊዜና ቦታ ትክክለኛውን መብራት ማብራት አለበት፡፡

**፴፯. የጭነት ሁኔታ**

ማንኛውም አሽከርካሪ፡-

፩) ለተሽከርካሪው ከተወሰነው የመጫን አቅም በላይ መጫን አይችልም፤
፪) ዕድሜያቸው ከ፲፫ አመት በታች የሆኑ ልጆችን ጋቢና ማስቀመጥ የተከለከለ ነው፡፡
፫) ተሽከርካሪው የተሠራበት ሁኔታ ዕቃ ወይም እንስሳትን ለመጫን አመቺ ካልሆነ ወይም ጭነቱ ከተሽከርካሪው አካል ውጪ የሚያልፍ ከሆነ ዕቃ ወይም እንስሳትን መጫን የለበትም፤
፬) የጭነት፣ የሰው፣ የዕቃና የእንስሳት ማመላለሻና ዝርዝር ሥርዓት በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**፴፰. ነዳጅ መቅዳት**

የተሽከርካሪ ነዳጅ በሚቀዳበት ጊዜ መደረግ ያለበት ጥንቃቄ፡-

፩) ማንኛውም አሽከርካሪ የተሽከርካሪውን ሞተር ሳያጠፋ ወይም ተሽከርካሪው የህዝብ ማመላለሻ ከሆነ ሰዎች በተሽከርካሪው ውስጥ እያሉ ነዳጅ መቅዳት ወይም ማስቀዳት የለበትም፤

**35. Road Signs and Indicators**

1) It is prohibited to use or erect road signs at the sides of roads except those permitted by the concerned body;
2) It is prohibited to take away, damage, and change from its place of any sign or indicator of roads or in any way to make it obscure or be read easily.

**36. Approving the Technical Situation of a Vehicle**

Any driver shall:-

1) Ensure that all the spare parts of his vehicle are operating before he commencing driving;
2) Lit on the appropriate light at the necessary time and place.

**37. About Loads**

Any driver:-

1) Shall not load his vehicle beyond the loading capacity determined for it;
2) Is prohibited to carry children below 13 years old beside the driver;
3) Shall not load goods or animals on his vehicle where design of production of such vehicle is not suitable for loading goods or animals or where such load exceeds the loading surface of such vehicle;
4) Particulars about loading procedure and transportation of persons, goods and animals shall be determined by the directive to be issued.

38. Fueling

The necessary precautions to be made while fueling a vehicle:-

1) Any driver shall not fuel his vehicle or cause his vehicle to be fueled before putting off its engine or where the vehicle is public transport while passengers are in such vehicle;

2) Cinaa konkolaatichaa ibiddi yookiin namni sigaaraa xuuxu yoo jiraate konkolaataatti boba'aa waraabuun yookiin waraabsiisuu hin qabu;
3) Daangaa dhaabbata boba'aa meetira 12 keessatti bilbila mobaayiliitiin dubbachuun yookiin meeshaalee elektroniiksii kanbirootti fayyadamuun yookiin sigaaraa xuuxuun dhorkaadha.

**39. Iddoo Konkolaataan Dhaabbatu fi Leenjiin Itti Kennamu Mijeessuu**

1) Daandiin konkolaataa kamiyyuu yeroo hunda sochii tiraafikaatiif banaa ta'uu waan qabuuf bulchiinsi magaalaa naannoo magaalaa keessatti daandiin alatti iddoo mijataa konkolaataan itti dhaabbatu qopheessuu qaba;
2) Shaakkalaa fi qormaata gahumsa konkolaachisummaa daandii konkolaataa irratti kennamu haambisuuf bulchiinsi magaalaa dhimma kanaaf iddoo gahaa qopheesuu qaba.

**Kutaa Sadii**

**Too'annoo Nageenya Tiraafikaa, Adabbii fi Sirna Komiin Itti Dhiyaatu**

40. Too'annoo

Too'annoo nageenya tiraafikaatiin wal qabatee Abbaan Taayitichaa:

1) Too'annoo nageenya tiraafikaatiin wal qabatee gaggeefamu bu'aa qabeessa taasisuuf iddoo balaan irra deddeebi'ee mudatu adda baasuun poolisii waliin dhaabbiidhaan too'annoo nageenya tiraafikaa ni gaggeessa;
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, iddoowwan balaa tiraafikaa sababa mancaatii daandii, rakkoolee ijaarsaa daandii fi kan birootiin uumaman ilaalchisee qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;

፪) በተሽከርካሪው አጠገብ እሳት ወይም ሲጋራ የሚያጨስ ሰው ካለ ተሽከርካሪው ነዳጅ መቅዳት ወይም ማስቀዳት የለበትም፤
፫) ነዳጅ ማደያ ፲፪ ሜትር ክልል ውስጥ በሞባይል ስልክ ማውራት ወይም በሌሎች ኤሌክትሮኒክስ ዕቃዎች መጠቀም ወይም ሲጋራ ማጨስ የተከለከለ ነው።

**፴፱. የተሽከርካሪ መቆሚያና ሥልጠና የሚሰጥበትን ቦታ ማመቻቸት**

፩) ማንኛውም የተሽከርካሪ መንገድ ሁልጊዜ ለትራፊክ እንቅስቃሴ ክፍት መሆን ስላለበት የከተማ መስተዳደር በከተማ ክልል ውስጥ ከመንገድ ውጪ ተሽከርካሪ የሚቆምበት ምቹ ቦታ ማዘጋጀት አለበት፤
፪) በተሽከርካሪ መንገድ ላይ የሚሰጠውን የአሽከርካሪነት ብቃት መለማመጃና ፈተና ለማስቀረት የከተማ መስተዳደሩ ለዚህ ጉዳይ በቂ ቦታ ማዘጋጀት አለበት።

**ክፍል ሦስት**

**የትራፊክ ደህንነት ቁጥጥር፣ ቅጣትና ቅሬታ የሚቀርብበት ሥርዓት**

**፵. ስለቁጥጥር**

ባለሥልጣኑ ከትራፊክ ደህንነት ቁጥጥር ጋር በተያያዘ፡-

፩) ከትራፊክ ደህንነት ጋር ተያይዞ የሚካሄደውን ቁጥጥር ውጤታማ ለማድረግ በተደጋጋሚ አደጋ የሚከሰትበትን ቦታ በመለየት ከፖሊስ ጋር በቋሚነት የትራፊክ ደህንነት ቁጥጥር ያካሄዳል፤
፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ በመንገድ መበላሸት፣ በመንገድ ግንባታ ችግሮችና በሌሎች ምክንያቶች የትራፊክ አደጋ በሚከሰቱበት ቦታዎች በተመለከተ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፤

2) Any deriver shall not fuel or cause his vehicle to be fueled. Where there exist a fire or a person smoking cigarette beside the vehicle;
3) It is prohibited to use a mobile or to use other electronic equipment or to smoke cigarette within a distance of 12 meters from a fuel depo.

**39. Preparing Parking and Training Place**

1) The city administration shall prepare a suitable place for parking vehicles within the municipal area since any road shall be open for traffic;
2) The city administration shall also prepare enough places to be used for practicing and driving qualification examination to avoid the performance of such acts on the roads.

Part Three

Traffic Control, Penalty and Complaint Procedure

40. Traffic control

In connection with traffic control the Authority:-

1) Conduct traffic controlling permanently together with the police by identifying the repeated traffic accident experiencing places with a view to make the traffic control activity effective;
2) Without prejudice of the provision under sub 1 of this article; concerning the traffic accident area occurred due to destruction of roads, problem of the construction of roads and others work in collaboration with concerned body;

3) Hojiin too'annoo nageenya tiraafikaa gaggeefamuu akkaataa barbaadamuun akka raawwatamu olaantummaan ni hoggana. Haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 41. Too'ataa Tiraafikaa

Too'ataan tiraafikaa qajeeltoowwan bu'uuraa of eegannoo nageenya tiraafikaa Dambii kana keessatti tumaman hojiirra oluu isaanii mirkanneessuuf hojiilee armaan gadii ni raawwata:

1) Badiiwwan Dambii kana keessatti tumaman yammuu to'atu konkolaachisaa yookiin abbaa qabeenya balleessaa raawwate irraa hayyama konkolaachisummaa yookiin gabatee yookiin mallattoo maxxantuu waggaa (boolloo) konkolaatichaa yookiin hayyama tajaajila geejjibaa irraa fuudhee battalumatti adabbii ni kenna;
2) Nama dhugaatii alkoolli bu'uura Dambii kanaatiin tumame ol fayyadame, baala sammuu namaa hadoochu fudhatee yookiin jimaa qama'e konkolaachisu waraqaa himannaa itti kennudhaan konkolaaticha moora pooliisii magaalaa dhiyeenyatti argamutti sa'atii 24tiif tursiisu ni danda'a;
3) Abbaan qabeenyaa konkolaataan isaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin too'annoo jala oolegaaffii barreeffamaatiin konkolaachisaa biraa gahumsa qabu yoo dhiyeeffate too'ataan tiraafikaa konkolaaticha battalumatti kan gad lakkisuuf ta'a;
4) Yaadaa fi eeruu tajaajilamtoota geejjibaa irraa yammuu dhiyaatuuf tarkaanfii seeraa ni fudhata;
5) Dandeettii fe'umsaa konkolaataatiin olitti teessoon yookiin meeshaalee akka teessootti tajaajilan konkolaataa irrati yoo hojatamee yookiin kaa'ame too'ataan tiraafikaa akka ka'uu konkolaachisaa niajaja. Ajajni kun yoo raawwatamu baatee konkolaataan akka dhaabbatu ni taasisa;

፫) የሚካሄደው የትራፊክ ደህንነት ሥራ በተፈለገ ሁኔታ እንዲፈፀም በበላይነት ይመራል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

## ፵፩. ስለትራፊክ ተቆጣጣሪ

የትራፊክ ተቆጣጣሪ በዚህ ደንብ ውስጥ የተደነገጉትን የትራፊክ ደህንነት ጥንቃቄ መሠረታዊ መርሆች ሥራ ላይ መዋላቸውን ለማረጋገጥ የሚከተሉትን ተግባራት ያከናውናል፡-

፩) በዚህ ደንብ ውስጥ የተደነገጉትን ጥፋቶች በሚቆጣጠርበት ጊዜ ጥፋት ከፈፀመው አሽከርካሪ ወይም ከተሽከርካሪ ባለቤት የአሽከርካሪነት ፈቃድ ወይም ሠሌዳ ወይም የተሽከርካሪውን አመታዊ ተለጣፊ ምልክት (ቦሎ) ወይም የትራንስፖርት አገልግሎት ፈቃድ ተቀብሎ ወዲያውኑ ቅጣት ይሰጣል፤
፪) በዚህ ደንብ መሠረት ከተደነገገው በላይ የአልኮል መጠጥ የተጠቀመ፤ አደንዛዥ ዕፅ በመውሰድ ወይም ጫት በመቃም የሚያሽከረክርን ሰው የክስ ወረቀት በመስጠት ተሽከርካሪውን በአቅራቢያው በሚገኘው ከተማ ፖሊስ ግቢ ውስጥ ለ፳፬ ሰዓታት ማቆየት ይችላል፤
፫) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፪ መሠረት ተሽከርካሪው በቁጥጥር ሥር የዋለ የተሽከርካሪ ባለቤት ብቃት ያለው ሌላ አሽከርካሪ በማምጣት በጽሑፍ ጥያቄ ካቀረበ የትራፊክ ተቆጣጣሪ ተሽከርካሪውን ወዲያውኑ የሚለቅለት ይሆናል፤
፬) ከትራንስፖርት ተገልጋዮች ሐሳብና ጥቆማ በሚቀርብለት ጊዜ ሕጋዊ እርምጃ ይወስዳል፤
፭) በተሽከርካሪው ላይ እንደ መቀመጫ የሚያገለግሉ መሳሪያዎች ከተሽከርካሪው የመጫን አቅም በላይ ከተሠሩ ወይም ከተቀመጡ እንዲነሱ የትራፊክ ተቆጣጣሪው አሽከርካሪውን ያዝዛል፤ ይህ ትህዛዝ ተግባራዊ ካልሆነ ተሽከርካሪው እንዲቆም ያደርጋል፤

3) Chiefly manage so as to enable the traffic control activity to be performed as it is required. Its implementation particulars shall be determined by the directive to be issued.

## 41. Traffic Controller

The traffic controller shall perform the following functions ensure the implementation of the basic precautionary principles stipulated in this Regulation:-

1) While he controls the offences provided in this Regulation, he shall take away the driving license of plate number of the annual affix sign (Bollo) of the vehicle or transport service license from the giving of the owner who commit the offence and punish them immediately;
2) He may put the vehicle under custody for 24 hours in the nearby police station by providing charge to the drives who drives by using alcoholic drink more than the limit provided in this Regulation, by using narcotic drugs of by chewing green leaf (chate);
3) Where the owner of the vehicle whose vehicle is controlled pursuant to sub article 2 of this article, present qualified driver with a written request the traffic control shall release his vehicle immediately;
4) He shall take legal measure where he receives opinion and accusations from the customers transport;
5) He shall order the deriver to remove additional seats; or materials being used as seats beyond the loading capacity of the vehicle and he shall make such vehicle to be stopped where this order is not performed;

6) Konkolaataa karaa irra dhaabbate ilaalchisee kanneen armaan gadii ni raawwata:
   (a) Konkolaataa iddoo hin hayyamamne irratti dhaabbatee battalumatti konkolaachisaa yookiin nama itti gaafatamummaadhaan konkolaaticha fuudhee jiru akka kaasu ni ajaja;
   (b) Konkolaatichi itti fayyadamtoota daandii kan gufachiisu ta'ee yoo argame konkolaaticha iddoo dhaabbatee jiru irraa gara biraa geessee akka dhaabu konkolaachisaa yookiin nama konkolaaticha itti gaafatamummaadhaan fuudhe jiru ni ajaja;
   (c) Konkolaataa tokko sababa balaatiin yookiin walitti bu'insaatiin yookiin gara galuutiin daandii cufee yoo argame konkolaachisaan yookiin nama konkolaaticha itti gaafatamummaadhaan fuudhe battalumatti bakka sana irraa akka kaasu ni ajaja;
   (d) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 6(a-c) jalatti tumameen konkolaachisaan yookiin abbaan konkolaataa too'ataa tiraafikaatiin ajaja kennameef yoo raawwachuu dhabee yookiin yeroo sanitti iddoo sanatti kan hin jirre yoo ta'e too'ataan tiraafikaa konkolaaticha akka ka'u ni taasisa;
   (e) Konkolaataan tokko iddoo dhaabbate irraa akka socho'u yammuu barbaadame nageenya konkolaatichaatiif of eeggannoo barbaachisu taasisuun iddoo balaaf hin saaxilamnetti geessuu ni danda'a. Baasiin dhimma kanaaf bahees abbaa qabeenya konkolaataatiin kan kaffalu ta'a;

7) Qaama tumaalee Dambii kana darbuun balleessaa raawwateef adabbii akka raawwatuuf waraqaa adabbii kennudhaan ragaalee konkolaachisaa irraa fudhatee guyyaa guyyaadhaan caasaa Abbaa Taayitaa dhiyeenyatti argamuutti galii ni taasisa. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;

፮) በመንገድ ላይ የቆመ ተሽከርካሪን በተመለከተ የሚከተሉትን ጉዳዮች ያከናውናል፡-
   (ሀ) ባልተፈቀደ ቦታ የቆመውን ተሽከርካሪ አሽከርካሪው ወይም የተሽከርካሪውን ኃላፊነት የወሰደ ሰው በአስቸኳይ ተሽከርካሪውን እንዲያነሳ ያዛል፤
   (ለ) ተሽከርካሪው የመንገድ ተጠቃሚዎችን የሚያደናቅፍ ሆኖ ከተገኘ፤ ተሽከርካሪውን ከቆመበት ቦታ ወደ ሌላ ቦታ ወስዶ እንዲያቆም አሽከርካሪውን ወይም ተሽከርካሪውን በኃላፊነት የወሰደን ሰው ያዛል፤
   (ሐ) አንድ ተሽከርካሪ በአደጋ ወይም ግጭት ወይም በመገልበጥ ምክንያት መንገድ ዘግቶ ከተገኘ አሽከርካሪው ወይም ተሽከርካሪውን በኃላፊነት የወሰደን ሰው ወዲያውኑ ከዚያ ቦታ እንዲያነሳ ያዛል፤
   (መ) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፮ (ሀ-ሐ) ሥር በተደነገገው መሠረት አሽከርካሪ ወይም የተሽከርካሪ ባለቤት በትራፊክ ተቆጣጣሪ የተሰጠን ትህዛዝ ካልፈጸመ ወይም በዚያን ጊዜ በቦታው የሌለ ከሆነ የትራፊክ ተቆጣጣሪ ተሽከርካሪው እንዲነሳ ያደርጋል፤
   (ሠ) አንድ ተሽከርካሪ ከቆመበት ቦታ እንዲንቀሳቀስ በሚፈለግበት ጊዜ ለተሽከርካሪው ደህንነት አስፈላጊውን ጥንቃቄ በማድረግ ለአደጋ ወደ ማይጋለጥበት ቦታ መውሰድ ይችላል፤ ለዚህ ጉዳይ የወጣ ወጪም በተሽከርካሪው ባለቤት የሚከፈል ይሆናል፡፡

፯) የዚህን ደንብ ድንጋጌዎች በመተላለፍ ጥፋት ለፈጸመ አካል ቅጣት እንዲፈጽም የቅጣት ወረቀት በመስጠት የአሽከርካሪውን ማስረጃ ተቀብሎ በአቅራቢያው ለሚገኝ ለባለስልጣኑ መዋቅር በየቀኑ ገቢ ያደርጋል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤

6) He shall perform the following regarding vehicle parked on the road:-
   (a) He shall ordered the driver or the person who is responsible for such vehicle to immediately remove the vehicle parked on prohibited place;
   (b) Were the vehicles are found to obstruct the pedestrians he shall order the driver or person responsible for such vehicle to move from present place and parked at another place;
   (c) He also order the driver or the responsible person of the vehicle to immediately remove his vehicle found on the road blocking its function due to an accident or crash or collapse;
   (d) Were the driver or owner of the vehicle fail to perform the order of traffic controller given as provided under sub article 6 (a-c) or are not there by that time the traffic controller shall make such vehicle to be moved;
   (e) Were a vehicle is found to be moved from the place it has been parked, he may take it to the safe place by making the necessary care for such vehicle, the cost spent for this act shall be covered by the owner of the vehicle.

7) He shall provide penalty letter to enable the body that commits offence violating the provisions of this Regulation to execute the penalty, and he shall receive the evidences from the derivers and deposit or send it daily to the nearby structures of the Authority daily; its implementation shall be determined by the directive to be issued;

8) Konkolaachisaa hayyama konkolaachisummaa yookiin gabatee yookiiin mallattoo maxxantuu waggaa irraa fudhate jiru ragaalee kanneen adabbii erga raawwatee booda bakka deebisee irraa fudhachuu danda'u ni ibsuuf.

9) Too'ataan tiraafikaa kamiyyuu hojii too'annoo nageenyaa tiraafikaa yammuu raawwatu naamusa ogummaa fi seerota too'annoo nageenya tiraafikaa kabajuuf dirqama qaba.

## 42. Adabbii

1) Namni tumaalee Dambii kanaa darbe kamiyyuu bu'uura miiltoo Dambii kana Gabatee "A -E" walqabsiifameen ni adabama. Haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

2) Too'ataan tiraafikaa kamiyyuu hojii too'annoo yammuu gaggeessu ittii fayyadamtoota daandii yookiin seera darbiitootaaf naamusa ogummaan gaafatun kabaja kan hin agarsiisnee yookiin kan ifate yookiin kan arrabse yookiin haala kaminiyyuu loogii kan raawate yookiin haala dambii kanaan tumameen alatti lafoo deemaa seeraan ala adabee kan argame yoo ta'e seera dhimmi ilaalun naamusaan gaafatamuun akkuma eegametti ta'ee akkeekachiisni barreeffamaa kan kennamuuf ta'a.

3) Too'ataan tiraafikaa kamiyyuu hojii too'annoo yammuu gaggeessu matta'aa kan fudhate yookiin kan gaafate yookiin daangaa waggaa tokkoo keessatti balleessaawwan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumame keessaa tokko irra deebiidhaan raawwatee kan argame yoo ta'e seera dhimmi ilaalunii fi naamusaan gaafatamuun akkuma eegametti ta'ee, hojii too'annoo tiraafikaa irraa hoogganaa dhiyootiin kan ka'u ta'a.

፰) የአሽከርካሪነት ፈቃድ ወይም ሠሌዳ ወይም የአመታዊ ተለጣፊ ምልክት የወሰደበትን አሽከርካሪ ቅጣቱን ከጨረሰ በኂላ ማስረጃዎቹን መልሶ የሚወስድበትን ቦታ ሊገልጽለት ይገባል፤

፱) ማንኛውም የትራፊክ ተቆጣጣሪ የትራፊክ ደህንነት ቁጥጥር ሥራ በሚያከናውንበት ጊዜ ሙያዊ ሥነ ምግባርና የትራፊክ ደህንነት ቁጥጥር ሕጎችን የማክበር ግዴታ አለበት፡፡

## ፵፪. ቅጣት

፩) የዚህን ደንብ ድንጋጌዎች የተላለፈ ማንኛውም ሰው በዚህ ደንብ (ሀ-ሠ) ሠንጠረዥ አባሪ መሠረት ይቀጣል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤

፪) ማንኛውም የትራፊክ ተቆጣጣሪ ቁጥጥር ሥራን በሚያከናውንበት ጊዜ የመንገድ ተጠቃሚዎችን ወይም ሕግ ተላላፊዎችን የሙያው ሥነ ምግባር የሚጠይቀውን ክብር የማያሳይ ወይም የተቆጣ ወይም የተሳደበ ወይም በማንኛውም ሁኔታ አድሎ የፈጸመ ወይም በዚህ ደንብ ከተደነገገ ውጪ እግረኛን በሕገ-ወጥ ሁኔታ ቀጥቶ ከተገኘ በሚመለከተው ሕግ በሥነ ምግባር መጠየቁ እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የጽሑፍ ማስጠንቀቂያ የሚሰጠው ይሆናል፤

፫) ማንኛውም የትራፊክ ተቆጣጣሪ የቁጥጥር ሥራን በሚያከናውንበት ጊዜ ጉቦ የወሰደ ወይም የጠየቀ ወይም በአንድ አመት ጊዜ ውስጥ በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፪ ሥር ከተደነገጉት ጥፋቶች አንዱን በድጋሚ ፈጽሞ የተገኘ እንደሆነ ጉዳዩ በሚመለከተው ሕግና ሥነ ምግባር መጠየቁ እንደተጠበቀ ሆኖ፤ በቅርብ ኃላፊው ከትራፊክ ቁጥጥር ሥራ የሚነሳ ይሆናል፤

8) He shall notify the driver from whom he has taken a driving license or plate number or annual affix sign (Bollo) and take these evidences after executing the penalty;

9) Any traffic controller shall respect his professional ethics and the laws of traffic control while he is performing the traffic controlling activity.

## 42. Penalty

1) Any person who violates the provisions of this Regulation shall be punishable in accordance with the annex if this Regulation schedule A-E attached thereof. Its implementation shall be determine by the directive to be issued;

2) Any traffic controller who fail to respect the road users or violators of law as required from the profession or who intimidates or insults them or in any ways performs (commits) impartiality or illegally punish pedestrians in a way other than provide in this Regulation while performing controlling activity, shall without prejudice to the disciplinary measure taken on him as per the concerned law be given with a written reprimand;

3) Any traffic controller who receives or requires bribe or found to commit of the offense specified under sub artic 2 of this article without prejudice to his being liable as per the concerned law and disciplinary measure, he shall be removed from his traffic controlling duty by his immediate superior;

4) Abbaan Taayitichaa adabbii bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin kenname ragaa irratti hundaa'uun ni kaasa.
5) Rikoordiin adabbii Dambii kanaan wal qabatee qabamu kamiyyuu waggaa tokko qofaaf galmaa'ee tura.

**43. Sirna Komiin Itti Dhiyaatu**

1) Namni akkaataa Dambii kanatiin adabame kamiyyuu komii yoo qabaatee guyyaa hojii lamakeessatti caasaa Abbaa Taayitaa adaabbiin itti kennametti dhiyeeffachuu ni danda'a;
2) Namni bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin deebii kennameef irratti komii qabu caasaa Abbaa Taayitichaa sadarkaan jiranitti komii isaa dhiyeeffachuu ni danda'a;
3) Namni bu'uura Dambii kanaatiin himatamee adabbiin itti kenname adabbii itti murtaa'e yoo diigsisee yookiin foyyeesiffate malee adabbicha guyyaa hojii kudhan keessatti raawwachuu qaba;
4) Konkolaachisaan adabbii irratti murtaa'e akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin yoo raawwachuu baatee guyyoota adabbicha tursiiseef dhalli adabbii fi riikordiin bu'uura Gabatee"B"(I - III)tiin kan irratti raawwatamu ta'a.

## Kutaa Afur
## Hundeeffama, Aangoo fi Hojii Boordii fi Koree Nageenya Tiraafikaa

**44. Hundeeffama**

1) Boordiin Nageenya Tiraafikaa kanaan booda "Boordii" jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Baay'inni miseensoota Boordichaa 7-9 ta'ee qaamota barbaachisoo ta'an irraa Pirezidaantii Naannichaatiin kan moggaffaman ta'a.
3) Itti waamamni Boordichaa Pirezidaantii Naannichaatiif ta'a.

፬) ባለስልጣኑ ማስረጃ ላይ በመመስረት በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ መሠረት የተሰጠውን ቅጣት ያነሳል፤
፭) ከዚህ ደንብ ጋር ተያይዞ የሚያዝ ማንኛውም የቅጣት ሪከርድ ለአንድ አመት ብቻ ተመዝግቦ ይቆያል፡፡

**፵፫. ቅሬታ የሚቀርብበት ስርዓት**

፩) በዚህ ደንብ መሠረት የተቀጣ ማንኛውም ሰው ቅሬታ ካለው በሁለት የሥራ ቀናት ውስጥ ቅጣቱን ለተሰጠበት ለባለስልጣኑ መዋቅር ማቅረብ ይችላል፤
፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ መሠረት በተሰጠው መልስ ላይ ቅሬታ ያለው ማንኛውም ሰው በየደረጃ ላሉት የባለስልጣኑ መዋቅሮች ቅሬታውን ማቅረብ ይችላል፤
፫) በዚህ ደንብ መሠረት ተከሶ ቅጣት የተሰጠው ሰው የተወሰነበትን ቅጣት ካላስፈረሰ ወይም ካላሻሻለ በስተቀር ቅጣቱን በአሥር የሥራ ቀናት ውስጥ መፈጸም አለበት፤
፬) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፫ መሠረት ቅጣት የተወሰነበት አሽከርካሪ ቅጣቱን ካልፈጸመ ቅጣቱን ላቆየው ቀናት የቅጣት ወለድና ሪከርድ በሠንጠረዥ "ለ" (I-III) መሠረት የሚፈጸምበት ይሆናል፡፡

## ክፍል አራት
## የትራፊክ ደህንነት ቦርድና ኮሚቴ መቋቋም፣ ሥልጣንና ተግባር

**፵፬. መቋቋም**

፩) የትራፊክ ደህንነት ቦርድ ከዚህ በኋላ "ቦርድ" ተብሎ የሚጠራ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል፤
፪) የቦርዱ አባላት ብዛት ከ፯-፱ ሆኖ አስፈላጊ ከሆኑ አካላት በክልሉ ፕሬዝዳንት የሚሰየሙ ይሆናል፤
፫) የቦርዱ ተጠሪነት ለክልሉ ፕሬዝዳንት ይሆናል፡፡

4) The Authority may lift up the penalty passed under sub article 1 of this article depending on evidences;
5) Penalty record to be taken in connection with this Regulation shall remain validly registered for only one year.

**43. Complaint Procedure**

1) Any person punished as per this Regulation may submit his complaint to the structures of the Authority in which the penalty is given within two working days;
2) Any person dissatisfied with the response given to him in accordance with sub article 1 of this article, may submit his complain to the structures of the Authority at each hierarchies;
3) Any person accused and penalized in accordance with this Regulation shall execute the penalty imposed on him within ten working days unless he has made to be reversed or altered such decision;
4) Any driver who fail to execute the penalty impose on him in accordance with sub article 3 of this article, the interest of penalty and the record shall be implemented on him pursuant to schedule "B" (I-III) for the day he has delayed the penalty.

## Part Four
## Establishment, Power and Duties of the Traffic Board and Committee

**44. Establishment**

1) The traffic safety Board hereinafter called "Board" is established by this Regulation;
2) The member of Board members shall be from 7-9, and shall be designated from the necessary bodies by the President of the Region;
3) The Board shall be accountable to the President of the Regional State.

**45. Aangoo fi Hojii Boordichaa**

Boordichi aangoo fi hojii armaan gadii niqabaata:

1) Karoora nageenya tiraafikaa naannichaa ni mirkaneessa;
2) Qaamoleen raawwachiiftuun naannichaa raawwii hojii nageenya tiraafikaatiif xiyyeeffannaa kennanii qindoominaan akka socho'aniif sosochii nageenya tiraafikaa sadarkaa naannootti adeemsifamu ni qindeessa;
3) Gabaasa raawii hojii koree nageenya tiraafikaa ni qorata, kallattii ni kenna;
4) Haala balaan tiraafikaa naannichaa ittiin hir'atu qorannoodhaan adda bahee dhiyaate irratti kallattiini kaa'a, akka hojii irra oolu ni taasisa.

**46. Sirna Walgahii Boordichaa**

1) Boordichi yoo xiqqaate kurmaanaan al-tokko walga'ii idilee kan qabaatu ta'ee akkaataa barbaachisummaatti walga'ii arifachiisaa waamuun ni danda'ama;
2) Miseensoonni walakkaa ol yoo argaman walgahiin Boordichaa guutuu ta'a;
3) Murtiin Boordichaa sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Boordichaa ta'a;
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Boordichi sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

**47. Hundeeffama Koree Nageenya Tiraafikaa**

1) Koreen nageenya tiraafikaa kanaan booda "Koree" jedhamee kan waamamu sadarkaa Godinaa, Aanaa, Magaalaa fi Gandaatti Dambii kanaan hundeeffamee jira;

**፵፭. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር**

ቦርዱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖረዋል፡-

፩) የክልሉን የትራፊክ ደህንነት ዕቅድ ያፀድቃል፤
፪) የክልሉ አስፈፃሚ አካላት ለትራፊክ ደህንነት ሥራ አፈፃፀም ትኩረት ሰጥተው በቅንጅት እንዲንቀሳቀሱ በክልል ደረጃ የሚካሄደውን የትራፊክ ደህንነት እንቅስቃሴዎች ያቀናጃል፤
፫) የትራፊክ ደህንነት ኮሚቴ የሥራ አፈፃፀም ሪፖርትን ይመረምራል፤ አቅጣጫ ይሰጣል፤
፬) በምርምር ተለይቶ የቀረበውን የክልሉ ትራፊክ አደጋ የሚቀንስበት ሁኔታ ላይ አቅጣጫ ያስቀምጣል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፡፡

**፵፮. የቦርዱ የስብሰባ ሥነ ስርዓት**

፩) ቦርዱ ቢያንስ በየሩብ አመቱ አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ የሚኖረው ሆኖ፤ እንደ አስፈላጊነቱ አስቸኳይ ስብሰባ ሊጠራ ይችላል፤
፪) ከግማሽ በላይ የቦርዱ አባላት ከተገኙ ስብሰባው ሙሉ ይሆናል፤
፫) የቦርዱ ውሳኔ በአብላጫ ድምጽ የሚተላለፍ ሆኖ፤ የሁለቱ ወገን ድምጽ እኩል ከሆነ በሰብሳቢው የተደገፈው ሐሳብ የቦርዱ ውሳኔ ይሆናል፤
፬) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩-፫ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ቦርዱ የራሱን የስብሰባ ሥነ ስርዓት ሊያወጣ ይችላል፡፡

**፵፯. የትራፊክ ደህንነት ኮሚቴ መቋቋም**

፩) ከዚህ በኋላ "ኮሚቴ" ተብሎ የሚጠራ የትራፊክ ደህንነት ኮሚቴ በዞን፣ በወረዳ፣ በከተማና በቀበሌ ደረጃ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል፤

**45. Power and Duties of the Board**

The Board shall have the following power and duties:-

1) Approve the Regional State traffic control plan;
2) Organize the traffic safety mobilization conducted at Region level to enable the executive bodies to work in collaboration by giving special focus for the traffic safety activities,
3) Examine the work performance reports of traffic safety Committee, give direction;
4) Put direction on the means of minimizing the traffic accidents of the Region identified by researches, cause same to be implemented.

**46. Meeting Procedure of the Board**

1) The Board shall have at least one regular meeting quarterly, and an urgent meeting may also be called as deemed necessary;
2) The meeting of the Board shall be quorum where more than half of the Board members are present;
3) The decision of the Board shall be passed with majority vote and the view supported by the chairperson shall be the decision of the Board in case of tie;
4) Without prejudice to the provision under sub-article 1-3 of this article, the Board may set its own meeting procedure.

**47. Establishment of Traffic Safety Committee**

1) The traffic safety Committee hereinafter called "Committee" is hereby establishment at Zonal, District, City and Kebele level by this Regulation;

2) Miseensotni Boordii Nageenya Tiraafikaa Naannoo miseensota Koree Nageenya Tiraafikaa Godinaa, Aanaa, Magaalaa fi Gandaa ta'anii kan tajaajilan ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti miseensotni biroo itti dabalamuu ni danda'u.
3) Miseensootni korichaa Bulchaa yookiin Kantiibaadhaan kan moggaaffaman ta'a.
4) Itti waamamni korichaa sadarkaa Godinaa, Aanaa fi Gandtti Bulchaadhaaf, sadarkaa Magaalaatti Kantiibaa Magaalichaatiif ta'a.

**48. Aangoo fi Hojii Koree**

Koreen sadarkaan jiru aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora hojii nageenya tiraafikaa Godinichaa, Aanichaa, Magaalichaa fi Gandichaa qindoominaan akka qophaa'u taasisuun ni mirkaneessa;
2) Meeshaa hojichaaf barbaachisu xiinxaluudhaan akka hayyamamu karaa Abbaa Taayitichaatiin Boordiif ni dhiyeessa;
3) Raawwii hojichaa yeroo yeroodhaan ni gamaaggama; kallattii ni kenna;
4) Haala rakkooleen madda balaa tiraafikaa ta'an furmaata ittiin argachuu danda'an qorachuudhaan yaada ni dhiyeessa;
5) Murtii Boordii fi koree nageenya tiraafikaa sadarkaan jiran hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa.

**49. Sirna Walgahii Koree**

1) Korichi yoo xiqqaate ji'atti al-tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee akkaataa barbaachisummaatti walgahii arifachiisaa waamuun ni danda'ama;
2) Miseensoonni walakkaa ol yoo argaman walgahiin Korichaa guutuu ta'a;
3) Murtiin Korichaa sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee sagaleen wal qixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Korichaa ta'a;

፪) የክልል የትራፊክ ደህንነት ቦርድ አባላት የዞን፣ የወረዳ፣ የከተማና የቀበሌ የትራፊክ ደህንነት ኮሚቴ አባላት ሆነው የሚያገለግሉ ሆኖ፤ እንደ አስፈላጊነቱ ሌሎች አባላት ሊጨመሩ ይችላሉ፤
፫) የኮሚቴው አባላት በአስተዳዳሪ ወይም በከንቲባ የሚሰየሙ ይሆናል፤
፬) የኮሚቴው ተጠሪነት በዞን፣ በወረዳና በቀበሌ ደረጃ ለአስተዳዳሪ፤ በከተማ ደረጃ ለከተማው ከንቲባ ይሆናል፡፡

**፵፰. የኮሚቴው ሥልጣንና ተግባር**

በየደረጃው ያለ ኮሚቴ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

፩) የዞኑ፣ የወረዳው፣ የከተማውና የቀበሌው የትራፊክ ደህንነት የሥራ ዕቅድ በቅንጅት እንዲዘጋጅ በማድረግ ያፀድቃል፤
፪) ለሥራው የሚያስፈልገውን መሳሪያዎች በመለየት እንዲፈቀድ በባለሥልጣኑ በኩል ለቦርድ ያቀርባል፤
፫) የሥራውን አፈፃፀም በየጊዜው ይገመግማል፤ አቅጣጫ ይሰጣል፤
፬) ለትራፊክ አደጋ መንስኤ የሆኑት ችግሮች መፍትሄ የሚያገኙበትን ሁኔታ በመመርመር ሐሳብ ያቀርባል፤
፭) በየደረጃው ያሉ የቦርድና የትራፊክ ደህንነት ኮሚቴ ውሳኔ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፡፡

**፵፱. የኮሚቴው የስብሰባ ሥነ ስርዓት**

፩) ቦርዱ በየወሩ ቢያንስ አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ የሚኖራው ሆኖ፤ እንደ አስፈላጊነቱ አስቸኳይ ስብሰባ ሊጠራ ይችላል፤
፪) ከግማሽ በላይ አባላት ከተገኙ የኮሚቴው ስብሰባ ሙሉ ይሆናል፤
፫) የቦርዱ ውሳኔ በአብላጫ ድምጽ የሚተላለፍ ሆኖ፤ ድምጽ እኩል ከሆነ በሰብሳቢው የተደገፈ ሐሳብ የቦርዱ ውሳኔ ይሆናል፤

2) The regional traffic safety Board members shall also serve as members of the traffic safety Committee of the Zonal, District, City and Kebele levels, and other additional members may be added as deemed necessary;
3) Members of the Committee shall be designated by the administrator or mayor;
4) The accountability of the Committee shall be to the administrator at the Zone, District and Kebele levels, and to the mayor of the city at the city level.

**48. Power and Duties of the Committee**

The Committee of each hierarchy shall have the following power and duties:-

1) Cause the integrated preparation of traffic safety work plan of the Zonal, District, City and Kebela; and approve same;
2) Analyze the equipment necessary for the activity and submit to the Board through the Authority to be approved;
3) Evaluates performance of the work time to time; give direction;
4) Studies as to how the problems which are causes of traffic accident be resolved; and propose recommendation;
5) Implement the decisions of the Board and Committee of each hierarchy; cause same to be implemented.

**49. Meeting Procedure of the Committee**

1) The Committee shall have regular meeting at least once in a month, and an urgent meeting may be called as deemed necessary;
2) The meeting shall be a quorum where more than half of the members are present;
3) The decision of the Committee shall be passed by majority vote, and the view supported by the chairperson shall be the decision of the Committee in case of tie;

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Korichi sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

## Kutaa Shan
## Tumaalee Adda Addaa

**50. Dirqama Deeggarsa kennuu**

Qaamni kamiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa kennuuf dirqamaqaba.

**51. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti haammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**52. Tumaalee Ce'umsaa**

1) Dhimmootni osoo Dambiin kun hin bahiin akkaataa Dambii Geejjiba Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe Lak.143/2004tiin jalqabamanii adeemsa irra jiranakkaatuma Dambii duraaniitiin murtii kan argatan ta'a.
2) Dambii Geejjiba Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe Lak.143/2004 raawwachisuuf Qajeelfamni Too'anno Sochii Geejjiba Daandii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 1/2004 bahe hanga Qajeelfama biraatiin bakka bu'utti raawwatiinsa ni qabaata.

**53. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Abbaan Taaytichaa Dambii kana hojii irra oolchuuf qajeelfamabaasuu ni danda'a.

**54. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Waxabajjii guyyaa 9, bara 2009 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee**
**Waxabajjii 9 Bara 2009**
**Lammaa Magarsaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

፬) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ከ፩-፫ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ቦርዱ የራሱን የስብሰባ ሥነ ስርዓት ሊያወጣ ይችላል፡፡

## ክፍል አምስት
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

**፶. ድጋፍ የመስጠት ግዴታ**

ማንኛውም አካል ለዚህ ደንብ ተፈፃሚነት ድጋፍ የመስጠት ግዴታ አለበት፡፡

**፶፩. ተፈፃሚነት ስለማይኖራቸው ሕጎች**

ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረን ማንኛውም ደንብ፣ መመሪያና ልማዳዊ አሠራሮች በዚህ ደንብ ውስጥ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

**፶፪. የመሸጋገሪያ ድንጋጌዎች**

፩) ይህ ደንብ ከመውጣቱ በፊት የኦሮሚያ ክልል ትራንስፖርት ደንብ በድጋሚ ለመወሰን የወጣ ደንብ ቁጥር ፻፵፫/፪ሺ፬ መሠረት ተጀምረው በሂደት ላይ ያሉ ጉዳዮች በቀድሞው ደንብ መሠረት ውሳኔ የሚያገኙ ይሆናሉ፤
፪) የኦሮሚያ ክልል ትራንስፖርት ደንብ በድጋሚ ለመወሰን የወጣ ደንብ ቁጥር ፻፵፫/፪ሺ፬ ለማስፈፀም የወጣ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የመንገድ ትራንስፖርት እንቅስቃሴ ቁጥጥር መመሪያ ቁጥር ፩/፪ሺ፬ በሌላ መመሪያ እስከሚተካ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡፡

**፶፫. መመሪያ የማውጣት ሥልጣን**

ባለሥልጣኑ ይህን ደንብ ለማስፈፀም መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

**፶፬. ደንቡ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ ደንብ ከሰኔ ፱/፪ሺ፱ ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

**ፊንፊኔ**
**ሰኔ ፱ ቀን ፪ሺ፱ ዓ.ም**
**ለማ መገርሣ**
**የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት**

4) Without prejudice to the provision under sub article 1-3 of this article, the Committee may set its own meeting procedure.

## Part five
## Miscellaneous Provisions

**50. Duty to Support**

Anybody shall be obliged to give support for the implementation of this Regulation.

**51. Inapplicable Laws**

Any Regulation, Directive or work practices inconsistent with this Regulation shall not be applicable on the matters covered in this Regulation.

**52. Transitional Provisions**

